# Dubbiin Macaafaa Kun Har’a Raawwatame

Jeffersonville, Indiana, USA

65-0219

1 Yoo fedha keessan ta'e, itti fufnee haa dhaabachuudhaan mataa keenya gadi qabnnee yeroo xiqqoodhaaf waliin haa kadhannu.

Jaallatamaa Abbaa keenyaa Isa Waaqa irraa, galgala kana as dhufnee Wangeela Yesus Kristos isa ulfuna qabeessa kana, isa dinqisiisaa kana labsuudhaaf carraa argachuu keenyatti in gammadna. Inni amma iyyuu Isa kaleessaa ture, Isa har'a jiruu fi Isa barbarian jiraatu ta'ee waan Jiraatuuf Si galateeffanna. Namoota waqtii qorraa kana keessa of kennuu guddaadhaan, wanti hin yaadamne tokko Waaqayyo biraa nuuf kennama jedhanii amanuudhaan walitti qabaman kanaaf Si galateeffanna. Yaa Gooftaa, wal ga'ii keenya hundumaa irratti abdii kana qabannee fuula Kee duratti walitti qabamna. Tajaajila dheengadda mana Qulqullummaa kana keessatti tureef Si galateeffanna; tajaajila kaleesssa galgala mana Qulqulluummaa kana keessatti tureef Si galateeffanna; tajaajila har'a mana qulqullummaa kana keessatti tureef Si galateeffanna. Amma galgala kana immoo wanta Ati nuuf qabdu dhimminee eeggachaa jirra.

Yaa Abbaa, namni harka isaa sochoosuu danda'u hunduu fuula Macaafa Qulqulluu galagalchee dubbisuu danda'a, garuu Namni Isa jiraachisuu fi Isa dhugoomsu Tokko duwwaa dha, innis Si duwwaa dha. Yaa Gooftaa, isa kana akka nuuf gootuuf Si galgala kana Si eeggachaa jirra. Gama hundumaan nu eebbisi. Akkuma yeroon nuyi itti fuulaa fi fuulatti Nama jaallannuu fi Nama waggoota kana hundumaatti Isaaf jiraanne itti simannu akkuma as dhi'aachaa deemuu isaa arginuun gammachuudhaan guutamaa deemna.

Yaa Gooftaa, namoonni haaraan baay'een gara Kee dhufaniiru. Tajaajila kaleessa galgalaa irraa ka'uudhaan, namoonni baay'een afurtamaa gara shantamaa ta'an ganama kana Maqaa Keetiin akka cuuphaman in yaadanna. Oo, yaa Waaqayyo, Sanyiin Waaqayyoo inni duraan dursee yaada Waaqayyootiin qabamee ture hamma Ifa Wangeelaa argee gara mooraatti galuuttti, isa kana akka itti fuftuuf Si kadhanna.

Galgala kana Dubbii Sagalichaa duuba akka nu dhoksituuf Si kadhanna; wantoota biyya lafaattii jaamnee Yesusiin akka arguu dandeenyu nu godhi. Hojiin Tulluu Ulfanitti Geeddaramuu (Mount Transfiguration) nu gidduutti haa ta'u, kanaanis Yesus malee namni fayyisuu danda'u tokko illee akka hin jirre in agarraa. Kanas ulfina Isaa fi ulfina mul'ina Wangalee Isaatiif, Maqaa Isaatiin Si kadhannaa. Ameen.

Taa'aa.

2 Maayikii (mike) kana, yookiin minjaala kana xiqqoo gara moggaa sanattin achi buta, maaliif jennaan, yoos hirmaattota gama lamaaniinuu arguun danda'a waan ta'eef. Guddistuwwan sagalee sana naannoo kanatti argachuu nan danda'a jedheen yaada. Tole egaa, yeroo xiqqoo naaf obsaa.

Firoonni keenya warri Ariizoonaa, warri Kaalifoorniyaa, warri Teeksaasii, akkasuma guutummaa Yuunaayited Isteetii keessatti warri toora bilbilaatiin nu hordofaa jirtan, galgala kana as galma walii gala irraa nagaa isin gaafanna. Sagantaan galgala kanaa kun karaa toora bilbilaatiin guutummaa biyya kanaa qaqqabaa jira, kanaafis Waaqayyo nu eebbisa jennee amanna.

Duuba galma kanaa karaa bitaa warri jirtan, isinitti in dhaga'amaa? Tole gaarii dha, siistemiin telefoonaa sirriitti akka hojjetaa jiru ilaaluudhaaf, isaan isa sirreessaa jiru.

3 Galgala kana namni hunduu gammadaadhaa? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Nagaa dha jedhaa! Gama kanaan hoo? [“Ameen.”] Ameen. Hundumti keessan haala mijataadhaan taa'uu keessan arguu kootti baay'een gammada.

Galgala borii, baay'inni namootaa yoo in dabala ta'e, toora bilbilaatiin kallattiidhaan akka hordofan taasifna. Amma galgala kanas hordofaa jiru. Muraasni isaanii amma iyyuu goda mana qulqullummaatti bilbilaan hordofaa jiru.

Bor ganama immoo tajaajilli mana qulqullummaatti kan adeemsifamu miti, sababiin isaa, ogeessonni miidhaginaa cidha gaa'elaa bor galgala waldaatti adeemsifamuuf waldaa faayu waan ta'eefi. Kanaafuu tajaajila bor ganamaa gara namoota nuu wajjin walii galan keessaa tokko kan ta'ee, gara waldaa obboleessa keenya Ruudeeliitti kan geggeeffamu ta'a, innis bakki isaa karaa guddaa kana gararraa dha, as karaa jaatamii- ja'aa kana gararraa dha. Kun beeksifameeraa? [Obboleessi keenya Neeviileen, “Eeyyee” jedhe.] Inni beeksifamaa oole. Guubbaa sanatti namni guutee irraa hafa yoo ta'e, warra irraa hafan fuunee tajaajilaa kana biraa wajjin gara obboleessa keenya Juniyer Jaaksanitti, dachaa Klarkisviileetti ergina. Sababiin saganticha obboleessa keenya Ruudeel biratti akka taasifamu gooneefis asitti dhi'oo waan ta'eef, akka salphaatti utuu hin joorin dhaqxu jennee waan yaadneefi. Kanaafis gama biraatiin eeggannoo waldichaa haa goonu jenna. Gama biraatiin bor namni cuuphamu akka jiru itti amanuu qabdu, bor cuuphamuudhaan namoonni dhibbi tokko, yookiin dhibbi lama nutti in dabalamu jedheen abdadha. Egaa bor galgala…

4 Wantan irratti isinitti dubbachuuf deemu utuu yeroon isaa hin ga'in dursee beeksisuu gonkumaa hin jaalladhulleetii, garuu tajaajila galgala tokkoo irratti, yookiin guyyaa tokko, mata duree: Malkiisedeq Kun Eenyu? jedhu irratti nan dubbadha. Sababiin mata duree kana fudheefis, akkan yaadutti barri nuyi keessa jiraachaa jirru kun bara gaaffiin baroota dheeraadhaaf, "Namichi Kun Eenyu?" jedhu itti mul'ifame dha, Nan amana, Eenyummaa Nama kanaaf Waaqayyo deebii qaba. Namoonni kaan, "Inni luba" jedhu, kaan, "inni mootii dha" jedhu, kaanis…Garuu deebiin…

Gaaffiin hamma jiraatetti, deebiin sirriin gaaffii sanaaf jiraachuun diqama ta'a. Jalqa utuu deebiin hin jiraatin gaaffiin jiraachuu hin danda'u.

5 Egaa amma, Dubbii Sagalee Isaa amma dubbifachuuf jennu irraa Waaqayyo galgala kana eebba akka nuuf kennu in amanna.

Isin…Biiliin isaanitti himi jedhee akka natti himetti, isin dhugaadhumatti namoota siistemii paarkii kanaa keessa hojjetan, poolisootaa fi waan hundumaa wajjin walitti dhufeenya gaarii qabaachaa akka turtani dha. Kana gochuu keessan ittuma fufaa; waan baay'ee baay'ee gaarii ta'e gootan.

Tarii fuulduratti, yeroo dhi'ootti dunkaana as gara magaalaatti fidnee bakkee dirree kubbaa kana keessa dhaabnee, yeroo dheeraadhaaf, tarii torban sadi'iif yookiin torban afuriif walitti fufiinsaan yeroo itti haaromsa geggeessisnu arguuf hawwii fi abdii qabna. Asitti xiqqoo walii walii keenya in barra, sana booda dhagaa walitti dhaamnee deemna. Garuu sagantaa dheeraa qabadhee gara fuul duraatti isinii wajjin turuun barbaada, yeroo sanatti halkan tokko yookiin halkan lamaaf kan ittu fufuuf turtu utuu hin ta'in, guyyaa fi halkan, guyyaa fi halkana jechaa walitti fufiinsaan waan lallabamuuf asuma turtanii barattu. Tarii namni lukkuulee sooru, namni loon elmu mana galee hojii kana hundumaa raawwatee torban itti aanutti dhufee itti fufee tajaajilamuun in ta'aaf. Kana nan jaalla dha. Kanaafis Waaqayyo isinii wajjin haa ta'u.

6 Egaa, utuun hin deemin dura, tarii Dilbata ganama yookiin Dilbata galgala, yookiin yeroo tajaajilaaf qabnu keessaa tokkotti mata duree isin eeggachaa jirtan tokkon barsiisa, waa'ee Gaa'ela Ijaaruu fi Gaa'ela Diiguu, isa rakkoolee guguddoo bara kanaa keessaa tokko ta'ee irratti Ergaa Dhugaa dhaga'uufhaaf eeggachaa akka jirtan nan beeka. Akkuma isan as dhaabachaa jiraachuun koo qabatamaa akka ta'e beekutti, deebiin sirriin Dubbii Sagalee Waaqayyoo keessa jira jedheen qabatamaatti amana, isa kanaafis deebi'ee akkan dhufu waadaan isiniif gala.

Akkan yaadutti, hamman beekutti, as Jefersenviileetti Dilbata Faasikaa irratti tajaajilan qaba, kanaafis…tajaajila ba'uu aduu jedhu irratti, itti aansee immoo Dilbata Faasikaa irratti nan tajaajila. Kanaafuu tarii galma argachuu yoo in dandeenya ta'e, yookiin iddoo biraas yoo ta'e Dilbataaf, tarii Sambataa fi Dilbataa yoo iddoo in arganna ta'e dursinee beeksifna. Deemee deebi'uun qaba, sababiin isaa yeroon isaa dhi'aateera…Dursa garuu sagantaan Kaalifoorniyaadhaaf qabuu wajjin wal irra bu'uu isaan adda baafadha. Battala Sagantichi xumurameen immoo gara Afrikaattin imala. Kanaafis nuuf kadhachuu hin irraanfatinaa.

7 Egaa amma, kutaa Dubbii Waaqayyoo keessaa Luqaas boqonnaa 4ffaa irratti kan argamu irratti akka xiyyeeffattaniif waamicha isiniif gochuun barbaada. Luqaas boqonnaa 4ffaa lakkoofsa 16ffaan, dubbii Yesus dubbachaa tureen jalqaba.

… Dubbiin Macaafaa kun akkuma dhageessanitti har'a raawwatame.

Egaa amma, Dubbii dubbatame kana irra ka'uudhaan yaada dimshaashaa Dubbiin Waaqayyoo Daayinaamikii (dynamic) attamii akka ta'e irra ga'uutu barbaachisa! Egaa amma hundumti keenya makaaniksii hojjechuu dandeenya, garuu Inni akka hojjetu gochuuf Daayinamiksii barbaachisa.

Makaaniksii maashinii, makaanikisii konkolaataa hojjechuu dandeenya, garuu gommaan ka'ee konkolaatichi akka adeemu gochuuf daayinaamiksii isa barbaachisa.

Yesus egaa Naazireet, lafa itti guddatetti deebi'e. Kutaa Macaafaa kana itti fufnee dubbisaa yoo gadi buune, isa isaan, "Ati waan akkasii fi akkasii Qifirnaahomitti akka hojjette dhageenyeerra. Mee amma immoo biyya abbaa Keetiitti isa achitti hojjette hojjedhukaa in ilaallaa" Isaan jedhan.

Yesus immoo, "Raajiin tokko illee biyya abbaa isaatti akka hin fudhatamne dhuguman isinitti hima" isaaniin jedhe. Eeyyee, egaa iddoo isin itti dhalattanii guddattanitti namoonni isin beeku. Egaa abbaa lafa irraa malee dhalachuu Isaatiif, iddoo sanatti Inni maqaa gadhee qaba ture. "Mucaa manatti dhalate (an illegitimate child)" jedhanii Isa waamu turan, dhugumas immoo Maariyaam utuu seeraan Yooseefitti hin eerumin dura ulfoofte. Garuu akka isaan jedhan sana miti, akka isaan jedhan akka hin taane nuyi in beekna.

8 Wanti akkan ija koo Caaffata kana irra kaa'u na godhe, wanta dhi'eenya kana Fooneksi, Ariizoonaatti ta'e tokko dha. Innis tajaajila guyyaa xumura Konfirensii Addunyawaa warra Fuul Gospeel Biizines Meenii irratti, an tajaajile irratti wanta ta'e dha.

Konfirensii kana irratti keessummaa tokkotu ture, innis Phaaphaasii walii galaa, “Kaaldiyaan Raayitis oof ze Appoostilik Kaatoolik Cherch (Chaldean rites of the Apostlic Catholic church yoo ta'u; ulfaatoo kabajamoo Joon Stanleeyi, O.S.D” jedhama. Inni wadaa Kaatolikii keessatti, “Phaaphaasii ol'aanaa guutummaa Yuunaayited Isteetii” ti. Kun egaa kaardii isaa fi teessoo isaa ti.

Inni Kristiyaan Biizines cherchiidhaan kan afeerame yoo ta'u, an guyyaa tokkoon duran achitti isa arge. Yeroon Sambata xinnaa galgala dubbachaa turetti, nan amana yeroon isaa Sambata xiqqaa ganama iddoo ciree nyaataa turaniittin dubbachaa ture, anis…Yeroon dubbachaa turetti inni utuu ija narraa hin buqqifatin na ilaalaa ture. “Namichi sun wantan dubbachaa jiru hundumaan mormaa jira” jedheen keessa kootti yaade. Egaa, akkasumatti utuu isa ilaaltanii silaa isa in hubattu turtan; inni callisee mataa isaa olii fi gadi raasa ture, an garuu wanta isa irratti hojjetamaa ture sirriitti beekuu hin dandeenye.

9 Egaa Dilbata galgalli yeroon dubbachuu carraa argadhe ture, barsiisa koos iddoo Yesus, “Akkuma dubartiin mucaa da'uuf ciniinsifattuu,” jedhee dubbate keessaan mata duree Ciniinsuu Da'umsaa jedhu fudhe, isheen da'uuuf ciniinsifachaa jirti, Kanaafis egaa, mata duree Ciniinsuu Da'umsaa jedhu kana fudheen, biyyi lafaa amma ciniinsuu da'umsaa keessa jirti jedheen dubbachuuf deeman ture. Inni haaraan akka dhalatuuf, inni moofaan du'ee baduu qaba; akkuma sanyiin dhaabame tokko lubbuu haaraa ta'ee biqiluuf jalqaba du'ee tortoruu qabuu ti.

Ciniinsuun, ciniinsuun da'umsaa guutummaa biyya lafaa attamitti rukute! Waraana Addunyaa Tokkoffaa keessatti isheen ciniinsuu sodaachisaa keessa turte, sababiin isaa, isaan gaasii summa'aa fi wantoota biyya lafaa kana harka caalaa ishee balleessuu danda'u qabu turan. Waraana Addunyaa Lammaffaa keessatti immoo isheen ciniinsuu kan biraa, ciniinsuu isa duraa irra jabaatuun rukutamte; isaan meeshaa waraanaa jamaa barbadeessu, akkasumas boombii atoomawaa qabu turan. Ciniinsuun da'umsaa kan biraan yoo isheetti dhufe, isa dandamachuu hin dandeessu. Misaayelaa fi wantoota ammayyaa'oo bara har'aa kanaan, lolli tokkichi hafe sun hawaa keessatti darbatee ishee in gata, sababiin isaa, isheen amma deessee hiikamuuf jirti waan ta'eef. Lafti haaraanis ni uumamti. Macaafni Qulqulluun lafti haaraan in uumamti jedhee dubbata.

Ergaa raajiin qabatee dhufu keeaatti, Israa'el yeroo hundumaa ciniinsuu da'umsaa keessa galti, sababiin isaa raajonni sun dhufanii isaan duratti kan mul'atan erga warra tiyooloojii fi abbootii amantii warri jedhaman waldaa hundumaa bifa jaarmiyaa keessa galchanii booda. Raajonni sun yummuu Ergaa ISA KANA GOOFTAAN DUBBATEERA jedhu qabatanii dhufanitti, isaan waldaa in rom'isiisu turan, isheen ciniinsuu da'umsaa keessa seenti turte. Xunura irrattis, ciniinsuun sun isheetti hammaachuudhaan, isheen Ilma Wangeelaa da'uudhaan in furmte, Innis immoo Sagalicha Ofii Isaatii foon uffate deesse.

10 Akkuma sana har'a galgala kanas waldaan Ilma da'uudhaaf ciniinsuu keessa jirti, dhufaatii Ilma Waaqayyoo isa lammataatiif ciniinsuu keessa jirti. Tiyooloojiin keenya hunduu, sirni keenya hunduu dameen amantii keenyaa hunduu du'ee nu duraa tortoreera. Kanaafis nuyi ciniinsuu keessa jirra, Ergaan Waaqayyo biraa dhufu tokko waldaa ciniinsuu hamaa keessa buusa, garuu yeroo xiqqoo booda isheen Misirroo tokko deessee hiikamuuf deemaa jirti. Kun immoo Yesus Misirroo Isaatiif akka dhufu in godha.

Egaa, yeroo sanatti namichi kun garmalee waanan dubbachaa jiruun mormaa jira jedheen yaade. Ergaa kana akkan dubbadhuuf yummuu yeroon naaf kennametti, Macaafa Qulqulluu dubbisuuf jedheen fuula Macaafichaa baafuchuun jalqabe.

Haati manaa koo kennaa Ayyaana Dhaloota Gooftaa Yesus ilaalchiftee Macaafa Qulqulluu haaraa naaf kennitee turte. Macaafni Qulqulluu koo inni moofaan gara waggaa kudha shanii kan lakkoofsise yoo ta'u, baay'ee kan ciccite dha. Yeroo hundumaa yeroon bane dubbisuuf jedhu, fuulli Isaa keessaa balali'ee harca'a. Garuu Macaafa moofaa sana, itti siqeenyaan qayyabbachaa waanan tureef, kutaan Macaafaa hunduu eessatti akka argamu sirriittan beeka. Egaa gaafa sana isa haaraa fudheen ba'e, sababiin isaa, inni kaan fudhatanii waldaa dhaquuf baay'ee kan moofa'e dha.

11 Yeroon Wangeela Yohannis, iddoo kutaan Macaafichaa irratti argamuu banuu jalqabatti, yeroon boqonnaa 16ffaa irraa irraa jalqabutti, kutaan lakkofsa wantan barbaade qabate achirra hin jiru. Kanaafis an, “Maal wanti haaraan!” jedhee keessa kootto yaadeen, ammas deebiseen baafadhe; amma iyyuu Inni iddoo sana hin jiru ture.

Obboleessi koo Jaak Mooree, inni nama Shirevepoort, Loowisiyaanaa jiraatu dha, inni hiriyaa aantee kootii yoo ta'u, iddoo sana taa'aa ture. “Obboleessa koo Jaak, Wangeela Yohannis boqonnaa 16 keessatti argama mitii?” jedheen gaafadhe.

Innis immoo, “Eeyyee” jedhee naaf deebise.

Namichi luba Kaatolikii ta'e kun teessoo irraa ol ka'e, abbootii amantii naannoo namoota dhibba tokkoo ta'anii waltajjii sana irra taa'aa turan keessaa ka'e; waayya lafa ga'u (robes) sana hundumaa wajjin, gaawonii (gowns) fi fannoo diratee jiru sanaa wajjin, akkasumas wantoota of harkaa qabu sana hundumaa wajjin, gara kootti as adeema ture. Lubichis, “Yaa ilma koo, cimii dhaabadhu. Waaqayyo

sosocho'uuf ka'aa jira” naan jedhe.

An immoo, “Phaaphaasii Kaatolikiitu kana natti himaa jira moo?” jedheen keessa kootti of gaafadhe.

Inni, “Macaafa koo irraa dubbisi” naan jedhe.

Anis kutaa Macaafichaa Macaafa isaa irraa dubbiseen kutaa caaffata kootii fudheen itti fufe, lallaba koo guyyaa sanaas nan lallabe.

Ergan xumuree booda, isaan keessa darbaa jirutti, ergan achii deemee booda inni ol ka'ee, “Wanta ta'uun irra jiru tokkotu jira. Kana booda, waldaan laaqii keessa jirtu keessaa ba'uu qabdi, yookiin immoo nuyi laaqee waldaan keessa galtee jirtu keessaa ba'uu qabna” jedhe. Kanaafuu, lamaan keessaa tokko filachuu dha.

12 Galgaluma gaafa sanaa deebii'ee dachaa Tuksanitti galuufan deeman ture. Daa'imman buskuta dhabanii boo'aa waan turaniif, buskuta haa fudhatan jedheen kokolaataa xiqqoo akka dhaabuu godhe. Haati manaa koos achitti, “Biilii, An akka isan yeroo ati iddoo isaa dhabdee Macaafa Qulqulluu sanaa wajjin wal'aansoo qabaa turteetti takkaa na'ee hin beeku” naan jette. Itti fuftees, “Si hin naasifnee?” jettee na gaafatte.

An immoo, “Lakki”n jedheen. An ittuma fufeen, “Kutaan sun achuma keessa iddoo ta'e tokko akka jiru nan beeka. Isaan fuula kutichaa isa keessaa hin qaban. Dogoggoraan maxxansanii raabsan” jedheen isheetti hime.

“Yaadi mee, Macaafa Qulqulluu sana anatu siif kenne mitii! Iji nama achi keessa turee hunduu waan anarra ture fakkaata” naan jette.

An immoo, “Tole egaa, ati waan balleessite hin qabdu. Rakkoon bari dogoggoraan maxxanfamuu Macaafa Qulqulluu ti. Jarri kutaa lakkoofsichaa achitti hin barreessine”n isheedhaan jedhe.

Tole egaa, irra deebi'ee gadi fageenyaan dubbiseera, inni akka ta'uun irra jirutti guutuu kan ta'e dha; garuu boqonnaa 16ffaan walkkaatti kan xumurame dha, citaan kutichaa kan xiyyoo gara gadii irraa naannoo inchii sadii dheeratu, gama boqonnaa 17ffaa isa fuula itti aanu irra jiruutti ceesifameera, ta'us garuu isa kaanii wajjin tokkuma. Egaa, Macaafa haaraa ta'uu isaa irraan kan ka'e fuullu sun lamaan walitti qabatee waan tureef, boqonnaa 16ffaa irraa dubbisuu barbaadeen boqonnaa 17ffaa irraa dubbisaa ture. Anis, “Tole egaa, wanti kun hunduu gaarummaadhaaf ta'e. Kunis sababa wayiitiif ta'e”n isheedhaan jedhe.

13 Akkuma isa isin sagalee qulqullinaan dhaga'amu kamuu dhaga'uu dandeessanitti, Sagaleen (Voice) tokko gara koo dhufee, “Naazireet, lafa itti guddate dhufee, akkuma amala Isaa mana sagadaa dhaqee, Macaafa dubbisuudhaafis ka'e. Lubichi Macaafota keessaa akka dubbisuuf Isatti laannaan, Inni Macaafa Isaayaas boqonnaa 61ffaa irraa dubbise. Macaafichas maree lubicha mana sagadaa sana keessaa ergamutti kennee taa'e; warri mana sagadaa sana keessa turan hundinuus ija isaanii Isa irratti in irraanfatan. Dubbii gaariin gurratti mi'aawu isa afaan Isaa keessaa ba'utti in dinqifatan. Yummus Yesus, 'Kunoo, Dubbiin Macaafaa kun akkuma dhageessanitti har'a raawwatame' isaaniin jechuu jalqabe” jedhee natti dubbate.

“…Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwatame”

Caaffanni sun attam dhugaa dha! Isaayaas 61:1 hanga 2 qalbeeffattaniittu yoo ta'e, Gooftaan keenya iddoo sanaa dubbisaa ture, Isaayaas 61:1 hanga 2tti dubbise. Garuu giddu lamaan Isaayaas 61 lakkoofsa 2ffaa irra ga'ee dubbisuu dhaabe. Inni iddoo, “Hafuurri Waaqayyo Gooftaa Ana irra jira; waggaa Waaqayyo biratti jaallatamee fudhatame akkan labsuuf” jedhu ga'ee dubbisuu dhaabe. Maaliif, gar tokkeen kutaa lakkoofsichaa firdii kan fudu dha, inni dhufaatii Isaa isa duraa keessatti hin hojjetu, garuu dhufaatii Isaa isa lammaffaa keessatti hojii irra kan oolu ta'a. Hubadhaa, inni achitti hojii irra hin oolle. Attamitti Caaffatoonni Qulqullaa'oon takkaa digiggora hojjetanii beeku! Isaan yeroo hundumaa dogoggora kan hin qabne, guutuu dha. Yesus iddoo Caaffanni Qulqulla'aan itti dhaabatetti dhaabe, maaliif jennaan, garri Inni dubbise sun dhugaadhumatti wanta bara Isaa keessa, dhufaatii Isaa isa jalqabaa keessa raawwatamuu qabu waan ta'eefi. Biyyaa lafaatti kan Inni faradu dhufaatii Isaa isa lammataatti malee, yeroo sanatti miti. Inni yeroo sanatti, “Waggaa Waaqayyo biratti jaallatamee fudhatame lallabuuf dhufe.

14 Qalbeeffadhaa, Masihichi waltajjiitti ol ba'ee, Sagalee abdii abdachiifameen Ofii Isaa adda baasuuf dhaabataa jira. Misihichi fuula waldaa dura dhaabachuun attam waan haaraa dha! Yeroo Inni asitti, “Waggaa Waaqayyo biratti jaallatamtee fudhatamte lallabuuf” jedhutte, jechoota gurra namaatti mi'aawoo kana ilaalaa.

Akka nama Macaafa Qulqulluu dubbisu tokkootti akkuma hundi keenya beeknu, “Waggaan Waaqayyo biratti jaallatamtee fudhatamte, 'Waggaa Iyobeeliyuu' jechuu dha.” Innis, yeroo garboonnii fi hidhamtoonni hidhamanii, ilmi isaanii yookiin intalli isaanii gatii isaan irra jiru akka kaffalaniif isaan irraa

fudhatanii, ijoolleen sun garbummaa keessa jiraatanii dha. Yeroo hammamii iyyuu garbummaa keessa haa jiraatanii, yookis yeroo hagamiitiif achi haa jiratan yoo jedhaman iyyuu malee, yeroo waggaan Iyobeeliyuu sun dhufutti, yummuu malakanni afuufamutti namni birmaduu ba'uu barbaadu hunduu barmaduu hunduu garbummaattii in hiikama. [Iddoo duwwaatu teeppii irra jira.] Ati birmaduu dha. Sana booda garba hin jedhamtu.

Garuu yoo garba taatanii jiraachuu barbaaddan gara mana qulqullummaatti geeffamtanii, utubaa mana qulqullummaatti hirkattanii akka dhaabattan godhamatu, sana booda mutaadhaan gurra keessan in uru, guyyaa sanaa jalqabdanii guutuu bara jireenya keessanii garba taatanii gooftaa keessan tajaajiltu.

15 Maal fakkeenyi Wangeela Yesus Kristosii wajjin akkas wal simu! Yeroo Inni lallabamutti, yeroo waggaan Waaqayyo biratti jaallatame waggaan Iyobeeliyuu sun labsamutti, bifa keetiin utuu hin daangeffamin, miseensa damee amantii keetiin utuu hin daangeffamin, hamma cubbuu keessa jiraachuu keetiin utuu hin daangeffamin, haala jireenya sirrii hin ta'in keessa jiraachuu keetiin utuu hin daangeffamin, namni kam iyyuu yoo taate, yummuu malakanni Wabgeelaa afuufamutti birmaduu baatee deemuu dandeessa. Ati birmaduu dha!

Garuu Ergichatti dugda gattee Isa dhaga'uu yoo didde, hubadhu, gurri kee mutaadhaan urama. Kana jechuun, sarara ayyaanaa fi firdii gidduu jiru waan qaxxaamurteef kana booda raawwattee Wangeela hin dhageessu jechuu dha. Raawwattee tarkaanfii tokko iyyuu hin adeemtu. Waggaa Waaqayyo biratti jaallatamee fudhatame sana dhaggeeffachuu yoo didde, bara jireenya keetii hundumaatti garba taatee jiraachuun kee dirqama.

Egaa, akkuman dura dubbadhe, gartokkeen barreeffamichaa deebii hin arganne, sababiin isaa, Masihichi yeroo sanatti kan dhufu firdii kennuuf waan ta'eef.

16 Egaa amma, namoonni sun attamitti Eenyu akka Inni ta'e baruu dadhaban? Isaan attamitti isa dhabuu danda'an? Utuu ifaa fi ifatti isaanitti mul'ifamaa jiruu attamitti hubachuu dadhaban? Isan attamitti arguu dadhaban? Yeroon Inni…

Maal Dubbiin akkasii! “Dubbiin Macaafaa kun akkuma dhageessanitti har'a ija keessan duratti raawwatame” dubbii jedhu kana mee itti yaadaa. Kana eenyutu dubbate? Waaqayyo Isa hiiktuu Dubbii Sagalee Isaa ta'etu dubbate. “Dubbiin Macaafaa Kun har'a raawwatame.” Masihichi, Ofii Isaatii fuula waldaa dura dhaabatee Dubbii Macaafa Qulqulluu keeessaa Dubbii Isaa wajjin wal qabatu isaaniif dubbisee, “Dubbiin Macaafaa kun har'a isin duratti raawwatame” jedhe, isaan garuu Isa hubachuu hin dandeenye.

Maal ta'a wanti gaddisiisaan akkasii utuu hin taane ta'ee. Wanti kun yeroo baay'ee ta'e. Attamitti ta'e? Eeyyee, akkuma yeroo kaan ta'aa turetti ta'e, innis hiikkaa namni foonii Dubbii Sagalichaatiif kennu amanuudhaan ta'e. Sababa wanta gaddisiisaa raawwatame sanaa kan ta'e isa kana. Amantoonni bara sanaa sun, warra amanan jedhamanii warri waamaman, warra hiikkaa Macaafaa luboonni kennanitti amanani dha. Kanaafuu Yesus sadarkaa isaanii yookiin hawaasummaa isaanii tokkoo wajjin iyyuu hidhata hin qabu ture, Inni kaampaanii isaanii keessaa ari'ame.

Kanaafis, isaan akka kan isaaniitti ofitti Isa dabaluu hin dandeenye, sababiin isaa, Inni isaan irraa adda ture. Ilma Waaqayyoo ta'uun Isaa nama kamuu duraa akka hin dhokannetti, Namummaan Yesus Kristos nama kam irraa iyyuu garmalee adda kan ta'e dha, sababiin isaa, Inni adda-baaftuu guutuu (pefect identification) Macaafa waa'ee Isaatiif caafamee ti waan ta'eef.

Karaan Kristaanni kam iyyuu ittiin beekamus isa kana, innis yeroo jireenyi isaa wantoota Kristaanni tokko gochuun irraa eegamuuf addaan ba'ee jiraatu dha.

17 Inni attamitti achi dhaabatee, “Dubbiin Macaafa kun har'a ija keessan duratti raawwatame!” jechuu danda'e. Attam gurra namaatti kan tolu ture, dubbichi attama ifaadha ture, garuu namoonni sun hubachuu dadhaban. Maaliif? Sababiin isaa, isaan duraa duuba hiikkaa Macaafaa luboota irraa dhaggeeffataa turan fudhatan waan ta'eefi.

Seenaan immoo yeroo hundumaa ofii isaa irra deebisa. Caaffanni Qulqulla'aan hiika danoomaa (compound meaning) fi mul'ata danoomaa Of keessaa qaba.

Fakkeenyaaf, akka isa Macaafa Qulqulluu keessatti Yesusiin wal qabsiisee, “Ani biyya Gibxii ilma koo waame” jedhuuti. Caaffatuma kana gama biraatiin immmoo yoo ilaaltan, utuu Inni Yaaqoobii wajjin wal qabatuu argitu. Yesus Ilma Isaa isa angafa. Akka Macaafa wabii Iskoofiildii (Scofield reference) fi kitaabileen wabii hundumtuu kaa'anitti, Yaaqoob ilma Isaa isa Inni biyya Gibxiitii waame dha, sababiin isaa inni kun wanta Caffanni Qulqulla'aan sun akeekaa jiru dha. Kanaafuu inni deebii dachaa qaba jechuu dha; inni deebii Yaaqoob waamamee ba'e jedhuu fi Yesus waamamee ba'e jedhu of keessaa qaba.

Inni har'as akkasuma! Sababiin isaa, nuyi rakkoodhuma sana keessa jirra, namoonni Dhugaa Waaqayyoo hubachuu dadhaban, sababiin isaa hiikkaa nam-tolchee garmalee baay'eetu Dubbii Sagalee

Waaqayyootti kennamee jira. Waaqayyo Dubbii Sagalee Isaa akka Isaaf hiikuuf nama tokko illee hin barbaadu. Hiiktuun Dubbii Isaa Isuma Mataa Isaa ti.

18 Jalqabatti Waaqayyo, “Ifti haa ta'u” jedhe, iftis in ta'e. Sun hiikkaa tokko illee hin barbaadu.

Inni, “Durbi in ulfoofti” jedhe, isheenis in ulfoofte. Sun hiikkaa tokko illee hin barbaachisu.

Yeroon Waaqayyo Dubbii Sagalee Isaatiif hiikkaa kennu, yeroo Inni Isa dubbate sana raawwachiisee fi mirkaneessee mul'isu dha. Wanta dubbatame dhufee akka raawwatu gochuun, hiikkaa Waaqayyoo ti. Yeroo Waaqayyo Dubbii Sagalee Isaa raawwatutti, hiikkaan Waaqayyoo in argama. Inni Isa isiniif hiikaa jira.

Akkuma isa yeroo ifti raawwatee hin turreetti Inni, “Ifti haa ta'u” jennaan, ifti ta'ee ti. Inni egaa hiikkaa nama kamii iyyuu hin barbaadu.

Nuyi garuu Isa sirni nam-tolchee itti makame qabna, yeroo isa Isatti maktanitti immoo sararaa ala Isa baaftu. Kun baroota hundumaa keessatti ta'aa kan ture dha.

19 Attam wanta dinqiisiisaa utuu itti hin yaadamin ta'e ta'uun isaa, amma iyyuu na ajaa'ibaa jira. Mee itti yaadaa, Inni Masihicha! Isaan maalii Isa arguu dadhaban? Sababiin isaa, gaggeessitoonni isaanii warri Isa beekuun irraa eegamu, warri kutaa Macaafaa keessaa waa'ee Isaa dubbisuun irraa irraa eegamu, warri beekumsa Macaafaa qabu jedhaman Namicha tuffatanii, “Jalqabamu iyyuu, Inni nama manatti dhalate dha. Nuyi Isa hin amannu” jedhan.

Waggoonni baay'ee arga darbanii booda, nuyi isa sana hin amannu. Kaayyoo Inni ilma durba irraa dhalate dha jedhu qabannee duuna.

Wanti kun dhufee raawwachuuf jira, innis wantoota Yaahween har'a ija keenya duratti hojjechaa jiru kana, barri itti aanu yoo jiraateef namoonni bara itti aanu keessa jiraatan, wantoota nuyi amma dubbachaa jirru kanaaf jedhanii du'uuf jiru. Yummuu milikkinni bineensichaa dhufutti Wangeela akka ammaa kanatti sirriitti lallabuu hin dandeessan. Yummuu tokkummaa guddaan waldoota gidduutti taasifamutti, inni ammaaf waldoota biyya lafaa gidduutti kan adeemsifame yoo ta'u, yeroo hundumtuu tokkuummaa sana jalatti dirqisiifamutti, dhuga ba'umsa waa'ee Isa Kanaa ofii keessa keessa duwwaatti cufuuf jirtu.

20 Isin amma Isa amanuun keessan dirqama. Luboonni sun utuu du'aa ka'anii, warri Isatti faradan sun silaa amma Isatti hin faradan. Isin immoo, “Garuu an utuun yeroo sana achi turee, waan kanaa fi sana nan godhan ture” in jettu. Tole egaa, barri sun bara keessan miti. Garuu barri keessan isa kana, yeroon keessan isa kana.

Isin, “Inni utuu addan jiraatee!” in jettu.

Macaafni Qulqulluun, “Inni kaleessa isa ture, har'a bara baraanis isuma sana” jedha, Inni isuma sana, kanaafuu Inni addana jira. Garuu, Inni addana jira. Akkuma biyyi lafaa qoroomte, akkuma isheen guddachaa dhufte, akkuma isheen beekumsaan dabalaa dhufte; Inni bifa Hafuuraatiin addana jira, Isas ajjeesuu hin danda'an yookiin gara du'aatti geessuu hin danda'an. Inni al tokko du'eera; Inni lammata hin du'u. Waaqayyo foon uffatee cubbuu namootaatiif akka du'uuf Inni foon uffate. Garuu yeroo kanatti Inni du'uu hin danda'u; Inni Hafuura Qulqulluu dha.

21 Egaa amma, wantoota kana hundumaa qabaatanii attam Isaan mormu! Wanti kan biraan immoo, Inni sadarkaalee barnoota isaanii tokko illee hin qabu ture. Hubadhaa, kun immoo ammas isaan biratti nama gadhee Isa taasise. Inni dhaabbata isaanii hin quunnamne, Inni lubummaa isaanii hin quunnamne, Inni kana irraa dhimma tokko illee hin godhanne. Sana booda, kana hundumaa biratti immoo, wanta isaan ijaaran diiguuf yaale.

Inni gara mana qulqulluummaa deeme. Nuyi Nama gara-laafessa jennee Isa waamna; Inni akkas ture, garuu yeroo baay'ee gara-laaffummaan (meekness) irratti hubannoo dogogoraa qabna.

Inni Nama waa'een namaa garaa-jibbu ture, garuu amma iyyuu yeroo tokko tokko garaan-nama jibbuu (compassion) jechuun maal akka ta'e hubachuu dadhabna. Namni namaaf gadduun (Sympathy) garaan-jibbuu (compassion) miti. Garuu, namaaf garaan-nama jibbuu (compassion) jechuun, “jaalala Waaqayyoo raawwachuu” dha.

Inni karaa karra hoolaan itti gurguramtu biraan bishaan kuufamaa, “Betzaataa” jedhamuun darbuu dhaqe. Namoonni sonaan baay'een iddoo sana ciisanii turan. Sonaan baay'ee jechuun nama muraas jechuu miti. Namonni dhukkbsatan sonaan baay'een, warri jaaman, warri naafatan, warri dhagni isaanii gar tokko du'es achi ciisanii raafamuu bishaanichaa eeggatu turan. Inni yeroo hundumaa nama namootaa garaan-jibbu (compassion) ture. Inni gara namicha tokkootti achi deeme, inni naafas, jaamaas, nama gartokkeen isaa du'es miti; tarii inni nama rakkoo wal xaxaa wayii qabu ta'a, tarii inni nama hir'ina sammuu qabu ture ta'a. Inni waggaa soddomii saddeet guutuu ittiin gidirfamaa ture. Dhukkubichi egaa isa

miidhuuf deema miti, inni isa ajjeesuuf deema miti. Inni siree isaa irra ciisee ture. Yesus immoo, “Fayyuu in barbaaddaa?” jedhee isa gaafate.

Namichi sun immoo, “Gooftaa, yummuu bishaanichi raafamu nama keessa na buusu hin qabu; ofii kootii, immoo utuu ani itti rakkadhuu, namni biraa na dura keessa lixa” jedhee deebiseef. Hubadhaa, inni deemuu in barbaada ture, inni arguu in barbaada ture, inni keessa of buusuu in barbaada ture, garuu hin humna dhabe.

Yesus immoo, “Ka'i, siree kee fudhadhuutii adeemi” isaan jedhe. Yesus kana gochuu Isaatiif in gaafatame, yaadadhaa Caffanni Qulqull'aan kana dubbateera.

22 Hin dinqifatinaa! Utuu Inni galgala kana Jefersenviilee dhufee hojii akka sanaa hijjetee, amma iyyuu isaan waa'ee Isaa in haasa'u.

Garuu yaadadhaa, Inni wanta tokko hojjechuu dhufe, innis jaalala Waaqayyoo ti. Egaa inni kun Wangeela Yohannis 5:19 keessatti argama, deebiin achi keessa jira. Yesus, “Dhuguman isinitti hima, Ilmi Ofuma Isaatiin homaa gochuu hin danda'u, isa Abbaan Isaa hojjetu ilaalee in hojjeta; isuma Abbaan hojjetu Ilmis immoo akkuma kanatti in hojjeta” jedhe.

Egaa amma, inni kun raawwannaa dubbii raajii Museen, “Waaqayyo Gooftaan keessan raajii akka kootii isiniif in kaasa” jedhee dubbatee ta'uu isaa baruutu isaan irra ture.

Kana qalbeeffattaniittuu, Inni yeroo namicha argeetti dubbii Isaatiin…Namichi baroota dheeraadhaaf haala sana keessa turuu isaa Yesus in beeka ture. Hubadhaa, Raajii ta'uu Isaatiin namichi haala sana keessa jiraachuu isaa argee, namoota sana hundumaa keessa hulluuqee, namoota sonaan baay'ee sana keessa suuta qaxxisee hamma nama ta'e tokko argutti deeme.

Inni warra naaftan, warra hokkolan, warra jaaman, warra dhigni isaanii gartokko du'e bira in darbe; ta'us garuu amma iyyuu Inni Nama waa'ee namaaf garaan-jibbu (compassion) dha. Garuu, garaan-nama jibbuun, “jaalala Waaqayyoo raawwachuu” dha.

23 Egaa, Inni miseensa isaanii waan hin ta'iniif sadarkaa isaaniitti dhimma hin qabne ta'uu Isaa in ilaalla, itti aansinees Inni isan duratti nama gatame ta'uu Isaa in ilaalla. Inni wanta tokko iyyuu…

Sana biratti immoo, Inni gaaf tokko gara mana qulqullummaa deeme. Namni tokko gara mana Waaqayyoo deemee, manichi akkuma isa bara har'aa kanaa faalamaa ta'uu isaa arge. Namoonni isa keessatti bitaa, gurguraa, horii callaa waliif geeddaru turan. Inni gabatoota warra horii callaa gegeeddaranii gadi gombise; Inni funyoo irraa qaccee dha'ee ittii warra horii callaa geggeeran reebee mana qulqullummaa keessaa gadi ari'e. Inni aariidhaan gara isaanii ilaalee, “Caafameera,” jedhe, haaleluyyaa, “Manni Abbaa Kootii 'Mana kadhataa jedhamee waamama' jedhamee caafameera, isin garuu holqa hattuu isa godhattan. Seera muka abbaa keessanii isa walitti dabarsitaniin (traditions of men) abboommii Waaqayyoo in busheessitu” isaaniin jedhe.

Oo, gareen namoota akkasii yoom illee Isatti amanuu in danda'uu? Lakki, gooftaa. Isaan barsiifata duubatti hafaa durii (hog-wallow) keessa gar malee waan jiraachaa turaniif laaqii dhoqqee hawaasaa fi xurii bara sanaatiin laaqqachuu bira darbanii, falaasama amantiitiin (ecclesiastical) diilalleeffamuu bira darbanii hamma Humni Waaqayyo Hunda-Danda'aatiin qirqirfamuu (vibrate) dadhabuu irra ga'an. Hin dinqifatinaa, dubartittiin shaashara wayyaa Isaa tuqxee fayyite; loltuu machooftuun immoo fuula Isaatti yummuu tuftetti, humni fayyisuu tokko illee Isa keessaa hin baane. Akkaataa isin Isatti dhi'aattan irratti hundaa'a. Wanta isin barbaadaa jirtan irratti hundaa'a. Yummuu waldaa dhagtan, wanta isin barbaacha dhagxan irratti hundaa'a.

24 Amma egaa utuu Inni achi dhaabataa jiruu argina. Namoonni akeekkachiifamuu isaanii, luboonni duraan dursanii namoota akeekkachiisuu isaanii hin shakkinaa. Luboonni namootaan, “Egaa Inni Sambata dhuftu addana ol in dhufa, yummuu Inni dhufuttus Isa hin dhaggeefatinaa. Tarii addana dhuftanii as taa'uu dandeessu, garuu gurra keessan wanta Inni jedhuuf hin ergisinaa, sababiin isaa, Inni kan garee keenyaa miti. Inni nama baafamee gatame dha. Inni waraqaa feeloshiippii hin qabu. Inni waraqaa miseensummaa dhaabbata keenyaa iyyuu hin qabu. Inni waan tokko iyyuu hin qabu” jedhanii namoota akeekkachiisuu isaanii hin shakkinaa.

“Inni maali?”

“Inni gurbaa garee keenyaan mormu isa dachaa kanatti dhalate dha, gurbaa manatti dhalate, gurbaa mana namicha muka-sooftuu sanatti dhalte dha, haati Isaa utuu hin eerumin manatti ulfoofte, isaan immoo isa kana akka wanta Waaqayyo biraa ta'eetti fakkeessanii dhoksuu barbaadaa jiru.

“Isa kana in beekna, Masihichi yummuu dhufutti, Inni balbaloota Waaqarraatiin gadi dhufee gara angafa luba keenyaa dhaqee, 'Qayyaafaa, kunoo An asin jira' jedha” jedhanii deebii kennu turan. Garuu Inni karaa isaan jedhan sanaan akka hin dhufin in argina, sababiin isaa, Dubbii Sagalee Waaqayyoo

keessatti akka sanatti hin barreeffamne waan ta'eef. Isaan sana akka amanan kan godhe immoo aadaa barsiifata nam-tolchee ti.

Akkaataan Inni in dhufa jedhee Sagalichi itti dubbate, akkataadhuma Inni itti dhufe sana dha. Inni achi dhaabatee, Dubbii Sagalichaa isaaniif dubbisee, “Dubbiin Macaafaa kun har'a ija keessan duratti raawwatame” isaaniin jedhe. Isaan garuu amma iyyuu Isa arguu hin dandeenye yookiis isaan akkuma baroota kan biroo hundumaa keessatti gochaa turan, Isa baruu dadhaban.

25 Nohis guyyaa gaafa markabichatti galee balbala cufatee santti, waanu kana jedhe. Nohi foddaa markabichaa isa irraa keessaan jiru sana ol qabee, gara wal ga'ii amanootaa sana ilaalaa….Yaadadhaa, Waaqayyotu balbalicha cufe. Inni, “Dubbiin Macaafaa kun har'a ija keessan duratti raawwatame” isaaniin jedhe, garuu yeroon sun baaay'ee kan isaanitti barfate ture. Inni marka hojjete sanatti akka isaan galaniif, waggaa dhibba tokkoof digdama guutuu, “KANA WAAQAYYOOTU DUBBATE, bokkaan in rooba” jedhee Dubbii Macaafaa isaanitti dubbataa ture, isaan garuu fagootti eegaa turan. Garuu Nohi salphaadhumatti, “Dubbiin Macaafaa kun guyyaa har'aa, har'a raawwatame” jedheera ta'a.

Moseen, yummuu Utubaan Ibiddaa innumti Tulluu Siinaa irratti gara isaa dhufe sun, gadi dhufee dhuga ba'umsa isaa yummuu dhugaa ba'eefitti, Museen, “Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwate” jechuu danda'eera.

Museen raajii, nama Waaqayyoo jedhamee akka waamame ni beektu. Raajii jedhamee waamamuufis, muuxannoo wanta harka Waaqayyoo irraa kennamu (supernatural experience) qabaachuun dirqama isaa ture, muuxannoo sanas argateera. Raajii ta'uudhaaf, inni fuulaa fi fuulatti Waaqayyoon argee Isaa wajjin haasa'uutu isa irraa eegama ture. Wanti biraan immoo, wanti inni dubbatu raawwatamuu qaba, kana ta'uu dhaabaannaan namni tookko iyyuu isa hin amanu.

Kanaafuu eenyu illee hamma fuulaaf fuulatti Waaqayyoon arguutti raajii jedhee of waamuun hin ta'u, inni duuba iddoo lafa onaa wayiitti Waaqayyo Ofii Isaa wajjin wal arguu qaba. Inni Waaqayyoo wajjin wal arginaan, warri biyya lafaa warri jiraachuu Waaqayyotti hin amanne (atheists) hunduu karaa irraa maqsanii ibsuufii hin danda'an; inni achi ture, wantu kun akka ta'u inni dursee beeke. Kristaanni kamuu ani Kristaana ofiin jechuun dura shaakala sana qabaachuutu isa irra jira. Shaakala ofii keessanii!

26 Yeroo muraasa dura mucaa eessuma kootii wajjin haasa'aa turre, inni mucaa xinnaa Kaatolikii hordofu dha, inni, “Eessuma koo Biil, an wanta ta'e tokko argachuu yaaluuf jedhee, utubaa manaatii hanga dhaabaa manaatti iddoo hundumaa irra jooraan ture” naan jedhe. Ganamaa galgala yeroo hundaa, sagantaan kun utuu hin jalqabamin dura inni boo'aa ture. Inni halkan halkan abjuu Waldaa akana dhufuu abjoota, abjuu isaatiin gara iddoo aarsaa kanatti ol fiigee iddoo lallabamutti, cubbuu hojjechaa ture akka isaaf dhiifamuuf afaan isaatiin dubbata ture.

An immoo, “Melviin, iddoo ati dhaquu yaaltu utuu hin ta'in, waldaa meeqa akka dhqxe utuu hin ta'en, yeroo hammamii, 'Digimtii Maariyaamii' irra deddeebitee jettee utuu hin ta'in, yookiis eebbama hammamii nama irraa argattee utuu hin ta'in, Hafuura Waaqayyoo irraa lammata dhalachuutu sirraa eegama. Wanti garaa namaa quubsuu danda'u isa kana duwwaa dha” jedheen isatti dubbadhe.

Bara har'aa, lammata dhalachuu kana namonni wanta biraatiin akka bakka buusan nan beeka, lammata dhalachuun callistaanii lallabaa harka fuudhuu fi maqaa keessan galmee waldaa irratti galmeessisuu dha. Garuu, yaa firoota koo, inni sun doogimaa (dogma) dha. Inni Dhugaa Macaafa Qulqulluu miti. Utuu kun in ta'a ta'ee Hojiin Ergamootaa boqonnaan lama akkas jedhamee dubbifama ture, “Ayyaanni guyyaa Phenxeqostee yummuu ga'e, paasteriin ka'ee ba'ee namoota harka fuudhe.”

Garuu akkas jedha, “Ayyaanni guyyaa Phenxeqostee yummuu ga'e,” guyyaa eebba Waldichaatti, “dingatas huursaan waaqa irraa akka bubbee bubbisuutti dhaga'amee, manicha isaan keessa jiranis guute.” Inni kun egaa akkaataa Hafuurri Qulqulluun yeroo jalqabaa itti dhufe dha. Guyyaa sana irraa jalqabee, Inni akkaataa kanaan dhufa. Inni Waaqayyo waan ta'eef hin jijjiiramu. Amma, Inni namoota in gufachiisa.

Isaan, “Inni bara kan biraatiif kan kenname dha” jedhu.

27 Tole, Inni kaleessa, har'as bara baraanis isuma sana. Yeroo Waldaan Hafuura Qulqulluu fudhattu hundumaatti, Inni yeroo hundaa akkuma jalqaba dhufe sanatti dhufa, akkataa ajaja qorichaa dokteeraa (prescription) Hojii Ergamootaa 2:38tiitti dhufa; gonkumaa geeddaramee hin beeku, gonkumaa hin geeddaramus.

Akkuma ajaja qorichaa dokteerri dhukkubaaf ajajuu ti. Inni dhukkubaaf ajaja qorichaa in barreessa, kana dokteeratu godha. Ajaja sana fudhattee nama qoricha irratti hubannoo dadhabaa qabu bira deemta, innis qorichatti wanta humna qorichichaa dadhabsiisu (antidote) gar malee itti baay'isee siif keenna, qorichichi baay'ee dadhabaa waan ta'eef waan tokko iyyuu si hin gargaaru; yoo inni wanta summii qabu immoo gar malee itti baay'isee siif keenne, qorichichi si ajjeesa. Inni akkaataa dokteerri ajajetti kennamuutu irra jiraata.

Ajaji qorichaa dokteeriin namaaf kennu inni ittiin Hafuura Qulqulluu fudhatan, Guyyaa Phenxeqosteetti Dokter Simoon Phexrosiin nuuf kenname. “Ani ajaja qorichaa isiniifan kenna. Yaada garaa keessanii geeddaradhaa; cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokko tokkon keessan Maqaa Yesus Kristositti cuuphamaa; kennaa Hafuura Qulqulluus in fudhattu. Ajaji qorichichaa isinii fi ijoollee keessaniif, warra fagaatanii jiraataniif, Waaqayyo keenya Gooftichi itti waamu hundumaafis.” Ajaja qorichaa kan Baraa hamma Bara Baraa!

28 Museen shaakala muuxannoo kanaa qaba ture. Inni gara biyyichaatti gadi bu'ee, “Ani Utubaa Ibiddaan arge. Inni wuuxxii qoraattii boba'u keessa ture. Inni isinitti akkanhimuuf ana erge. 'ANI ISA JIRAATAA DHA (I AM THAT I AM). Garitti gadi bu'i; Anis ii wajjin Nan ta'a. Ulee kee qabadhuutii harka kee Gibxii irratti ol qabi; wanti ati gaafattu hunduu siif in danda'ama' naan jedhe” jedhee sabatti himuu jalqabe.

Tole egaa, tarii luboonni tokko tokko, “Gadi badii wayii!” isaan jedhaniiru ta'a.

Garuu isaan yummuu dhugummaa wanta kanaa arganitti, yeroo raawwachuu isaa arganitti, sana boodaa isa dura dhaabachuu hin dandeenye. Inni Waaqayyo biraa akka ergame in baran.

Yeroo sanatti, Museen yoo waan sana argeera jedhee Dhugummaa isaa dhugaa ba'e, Dhugummaa dubbii namichaa addaan baasee raawwachuuf Waaqayyo in dirqama. Kun dhugaa dha.

Yesus iddoo sana dhaabatee Macaafa dubbisee, “Dubbiin Macaafaa kun har'a isin duratti raawwatame” yoo jedhe, Sagaleen sun akka raawwatuuf Waaqayyo in dirqisiifama.

Nuyi har'a galgala kana addana dhaabannee, “Yesus Kristos kaleessa Isa ture, har'as bara baraanis isuma sana” jenna. Kun Dhugaa akka ta'e mirkaneessuuf Waaqayyo in dirqisiifama, sababiin isaa, Inni Dubbii Sagalee Isaa ti waan ta'eef. Egaa amma, maal gochuu barbaachisa? Isatti amanuuf, manantii qabaachuu barbaachisa. Dubbii Sagalee Isaa Dhugaa akka ta'e amanuuf, amantii qabaachuu feesisa.

29 Yummuu Museen ijoollee Israa'el baase, warra isa duukaa bu'an hundumaa yummuu inni baase wanta ta'e yaadadhaa. Warri isa duukaa bu'uu dhiisan Gibxii keessatti hafan. Garuu warri Musee duukaa bu'an yummuu Galaana Diimaa keessaa ba'anii gara lafa onaatti lixanitti, Waaqayyo Tulluu Siinaa irratti isaanitti dhufe. Utubaan Ibiddaa sun guutummaa tullichaatti ibidda qabsiise, Sagaleen (a Voice) tokkos achi keessaa in dubbate, achumaan Waaqayyo abboommii kurnan kenne.

Museen deemee fuula sabaa duratti ba'ee, “Dubbiin Macaafaa inni an akka raajii Isaatti isinitti dubbadhe, har'a raawwatame. Waaqayyoo wuuxxii qorattii boba'u keessatti, Utubaa Ibiddaa sana keessatti na waamee, 'Ani…Kun milikkita siif haa ta'u. Ati kallattiidhaan saba sana iddoo kanatti deebitee in fidda' jedhee akka natti dubbate isinitti himeera. Waaqayyo Utubaa Ibiddaa isuman Inni Isa keessa ture jedhee isinitti hime keessaan, kuunnoo ganama sanaa tulluuttu rarra'ee jira. Raajiin kun har'a raawwateera. Wanti ani isinitti dubbadhe Dhugaa ta'uu isaa mirkaneessuuf, Inni kunoo asitti argameera” jedhee sabatti dubbachuun isaa waan hin oolle.

Waaqayyo nama akkasii kan caalu nuuf in kenna, nama amanamaa fi gara-laafessa, nama Dhugaa dubbatu nuuf in kenna, kanaanis Waaqayyo Inni Hundumaa Danda'u Dubbiin Sagalee Isaa amma iyyuu Dhugaa akka ta'e in mirkaneessa! Inni isuma kaleessa ture ta'ee, har'as bara baraanis in jiraata. Inni maaliif isa nuuf hin kennine? Kana gochuuf nu abdachiiseera.

30 Iyaasuunis iddoo lafa onaa sanaa irraa fagaatanii erga deemanii booda, guyyaa gaafa Qaadesh-Barne'aatti deebi'ee, tarii innis waanuma kana jedhe ta'a. Isaan biyyichi akka biyya isa Waaqayyo jedhee ta'uu hin danda'u jedhanii shakkuu jalqaban. Garuu Waaqayyo biyyichi biyya gaarii, biyya aannanii fi dammi keessaa dhangala'u ta'uu isaa isaanitti himeera. Namoota kudha lamaan keessaa Iyaasuu fi Kaaleb duwwaan kana yummuu amanan, warri kurnanii garuu hin amananin hafan. Yeroo deebi'anii dhufanitti raga of harkaa qabu turan; duroo wayinii kan namni jabaan lama qofti baachuu danda'u fidanii dhufan.

Iyaasuu fi Kaaleb kallattiidhaan achi dhaabatanii, “Dubbiin Macafaa kun har'a raawwate. Wanti fidnee dhufne kun raga biyyichi gaarii ta'uu agarsiisu dha” jedhaniiru. Dhuguma. Maaliif? “Biyyichi gaarii ta'uu isaatiif ragaatu jira. Wanta akkasii eessatti biyya Gibxiitii argattanii beektu? Biyyi isa fakkaatu hin jiru. Garuu Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwateera” jedhan.

Inni yeroo masaraan Yerikoo yeroo torba, guyyaa torba, guyyaa tokkotti al torba yoo naanna'an masarichi akka jigu yummuu raajii dubbatettis tarii akkasuma jedhe. Yummuu isaan yeroo xumuraatiif itti marsanitti, masarichi in jige. Iyaasuun tarii achi dhaabatee, “Guyyaa har'aa, Abbaan Duulaa Gooftichaa wanti kun akka ta'u torbanoota dura natti dubbate, Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwatame” jedhee dubbateera. Masarichi kufee achi ciisa, inni lafa irratti diriire. “Kottaa ol seenaa, kottaa dhaqnee in qabannaa. Inni qabeenya keenya ta'eera. Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwatame.”

Namni Waaqayyoo wantoota sirrii ta'aniif dhaabachuun attam dinqii dha!

31 Israa'el, yummuu laficha dhuunfatanitti, lafichi bishaan bira waan ta'eef bishaanni guutee laficharra ba'e. Isaan attam haa godhan? Ji'i isaa ji'a Eblaa ti. Gubbaa Yihudaatii cabbiin baqaa waan jiruuf lolaa hamaan gadi dhufaa jira. Oo, Waaqayyo saba Isaa iddoo sanatti fiduun, ji'a Eblaa yeroo Yordaanos yeroo kam irra iyyuu guutee dambalitti Saba Isaa asitti fiduun attam generaala dadhabaa wayii Isa fakkeessa. Yeroo tokko tokko…

Tarii asitti dhaabeen yoon yeroo qabaadhe, gurshaa (tip) wayii isiniif kenna. Tarii yeroo tokko tokko kaanserii qabaattanii wajjin teessu ta'a, yookiin dhukkuba ta'e tokkoo wajjin teessu, isin irraa hin deemu ta'a; yeroo kanatti isin, “Maaliif, ani moo, an Kristaana ta'ee attamittin akkas ta'a? Ani ergan Kristaana ta'ee maaliifan akkasitti jiraadha?” jettanii keessa keessanitti yaaddu ta'a. Yeroo tokko tokko Waaqayyo wanti hunduu isinitti dukkanaa'ee, hamma ol ilaaluu dadhbdanitti, hamma naannoo keessan, yookiin iddoo kan biraa kam iyyuu hamma arguu dadhabdanitti akka isinitti dukkanaa'u godha, sana booda Waaqayyo dhufee isuma keessaan karaa isiniif baasa, kanas tarii, “Dubbiin Macaafaa kun, wanti Inni naaf kakate sun har'a raawwatame” akka jettaniif kana godha.

32 Inni ijoolleen Ibrootaa sun gara boolla ibidda boba'uutti akka deeman isaan godhe. Ijoollettiin, “Waaqayyo keenya boolla ibiddaa kana keessaa nu baasuu in danda'a. Garuu, nu baasuu baatus nuyi bifa fakkeenya keessaniif hin sagannu” jedhan. Yeroo isaan achi keessaa deemanii ba'anitti, fooliin gubaa ibiddaa tokko illee isaan irra hin jiru ture; tarii isaan “Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwatame” jedhaniiru.

Daani'eelis yummuu boolla leencaa keessaa ba'e sanatti akkasuma jedhe.

Yohannis cuuphaa. Barisiisa falaasama amantii (ecclesiastical teaching) waggaa dhibba afurii booda, yeroo sanatti waldaan laaqee (mess) keessa turtee hin dinqifatinaa! Yohannis cuuphaan yummuu lafaa onaa keessatti mul'atetti, yummuu Yordaanositti namatti mul'atetti, inni laga Yordaanos bukkee dhaabatee, “Dubbiin Macaafa Isaayaas boqonnaa 40, har'a raawwatame” jedhe.

33 Yeroo xinnoof kana asumatti dhaabee waan jaarsi lubni sun natti hime isinitti himuu laata! “Ilma ko, ati amma iyyuu Ergicha hin fixne” naan jedhe.

An immoo, “Amma iyyuu ittuma fufeen jira”n jedheen.

Inni deebisee, “Warri Phenxeqostaalii waan kana hin hubatan in jettaa ati?” naan jedhe.

Ani immoo, “Lakki” jedheen deebiseef.

Inni, “Ani hubadheera” jedhe. Lubni Kaatolikiis akkasuma! Uhhuhuu. Inni, “Maaliif itti hin fufne?” naan jedhe.

An immoo, “Amma iyyuu itti fufeen jira” jedheen deebiseef.

Inni deebisee, “Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u! Ani hubadheera” jedhe.

Yeruma sana Hafuurri Qulqulluun obboleettii isaa wal ga'ii sana keessa teessee jirtu irra bu'e. Isheenis ol kaatee afaan hin beekamneen dubbattee afaanicha yummuu hiiktu, kallattiidhaan wanta anii fi lubichi waltajjii irratti dubbachaa turre dubbatte. Guutummaan waldaa, lafa hundumaatii in aadan. Konferensii Oraal Robert kan torban darbee irratti, yookiis kan torban lamaan darbee irratti falmiin waa'ee kanaa adeemsifamee ture, waa'een konfirensii sanaa ka'ee irratti dudubbatamaa ture. Attamitti lubichi…Hafuura Qulqulluu jala taa'aa waan turreef, Hafuurri Qulqulluun wanta nuyi waltajjii irratti haasa'aa turre, wanta nuyi dhoksaa turre hundumaa, Inni karaa obboleettii isaa bakkaatti baasee mul'ise.

Sa'aatii nuyi keessa jiraachaa jirru kanatti, Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwatame. Har'a Ifni galgalaa dhufeera, nuyi garuu Isa arguu dadhabne. Qalbeeffadhaa.

34 Yohannis, “Akkuma raajii Isaayaas dubbatetti, ani har'a, 'Sagalee nama lafa onaa keessaa iyyuu' dha. Gooftaadhaaf karaa tolchaa!” jedhe.

Isaan isa hubachuu hin dandeenye. Isaan, “Oo, ati Kristos” isaan jedhan.

Inni immoo, “Ani Kristos miti” isaaniin jedhe. Inni, “Inni Nama an gadi gugguufee hidhaa kophee Isaatii illee hiikuudhaaf malu miti” isaaniin jedhe. Inni, “Garuu, Inni isinuma keessa iddoo ta'a tokko dhaabatee jira” isaaniin jedhe, Yesus isaan gidduutti argamuuf akka jiru, inni qabatamaatti beeka waan ta'eef kana dubbate. Inni bara isaa keessa dhufa, sababiin isaa, inni Masihicha akka beeksisu Waaqayyo isatti dubbateera waan ta'eef.

Guyyaa tokko Namni dargaggeessi tokko achiin darbaa jira ture, Yohannisis Ifa gararraa mataa Isaatti arge, milikkita Isarratti arge. Achumaanis inni iyyee, “Ilaa Hoolicha Waaqayyoo! Dubbiin Macaafa kun har'a ija keessan duratti raawwatame” isaaniin jedhe. Dhugaa dha.

35 Guyyaa Phenxeqosteetti, Phexros attamitti ka'ee dhaabatee Dubbii Macaafaa Yo'el 2:38 irra jiru isaaniif dubbise. Yoom, yeroo namoonni achi turan hunduu isaaniitti kolfaa turanitti. Isaan afaan ofii

isaaniitiin dubbachuu hin dandeenye. Isaan gara afaan biraatiin cabaqaa (jabbering) turan. Macaafni Qulqulluun, “Arraba (afaan) addaan hiramaa (Cloven tongues)” jedha. Kiloven (Cloven) jechuun arraba “addaan hirame” jechuu dha, waa dubbachuu utuu hin ta'in callisanii arraba waliin dha'uu (jabbering) jechuu dha. Akka nama machaa'ee of irra naanna'uu!

Hundmti isaanii, garee bara sanaa kan ta'an hunduu, “Tole egaa, jarri kun machaa'aniiru. Mee gara isaanii ilaalaa, akka isaan godhachaa jiran, akka dhiirrii fi dubartiin isaanii godhachaa jiran ilaalaa. Isaan toora gadi dhiisaniiru” waliin jedhan.

Phexros isaan gidduu dhaabatee, sagalee isaa ol fudhatee, “Yaa namaa, yaa obbolootaa, isin yaa warra Yihudootaa, warri Yerusaalem jiraatanis hundinuu, mee hubadhaa, dubbiin koos isiniif haa galu! Jarreen kun kan machaa'an isinitti hin fakkaatin, ammi ganama, yeroonis sa'aatii sadaffaa dha! Inni asitti ta'e kun garuu, waan Waaqayyo afaan raajicha Yo'eliin, 'Guyyaa gara dhumaatti foon qabeessa hundumaa irratti Hafuura Koo Nan roobsa' jedhee dubbate dha. Dubbiin Macaafaa kun har'a ija keessan duratti raawwatame” isaaniin jedhe. Dhugaa dha.

36 Luuter yeroo sanarratti sirrii ture. Wesiliin yeroo sanarratti sirrii ture. Phenxeqoostaaliin yeroo isaatti sirrii ture. Wanti tooraa (order) ala ta'e tokko iyyuu hin jiru.

Egaa amma, baraa fi yeroo amma keessa jiraachaa jirru kana, Sagalee abdii Waaqayyo bara har'aatiif abdachiisee wajjin wal faana akka ilaaltanin isin gaafa dha. Baroota darban yoo duuba deebine, namni, “Dubbiin Macafaa kun,” “Dubbiin Macaafaa kun,” jedha erga ta'ee, Dubbii Macaafaa bara har'aatiif hoo? Wanti bara har'aatiif abdachiifame maali? Nuyi eessa dhaabachaa jirra? Sa'aatii meeqa keessa jiraachaa jirra; sa'aatiin yummuu lakkaa jirtutti, sa'aatiin saayinsii, halkan walakkaa irra daqiiqaa sadii darbeeraa? Biyyi lafaa naatee waan buttu dhabdeetti. Waldaan siree jal'inaa keessa rafaa jirti. Achitti iddoo isaan dhaabataa jiran namni tokko illee hin beeku. Yeroon har'aa meeqa? Dubbiin Macaafaa guyyaa har'aatiif dubbatame maali? Haala waldattii ti, yookiis, haalota waldaan bara har'aa keessa jirtu!

37 Biyya lafaa keessatti siyaasni, sirni addunyaa keenyaa akka ta'uuf malutti tortoreera. Ani nama siyaasaa miti. Ani Kristaana. Garuu, an waa'ee siyaasaa dubbachuuttii dhimma tokko iyyuu hin qabu, garuu isaan gama lachuunuu akka tortoranii jiran dubbachuun barbaada.

An al tokkon filadhe, innis Kristosiif ture; filannichas nan injifadhe. Seexanni naan mormee filate, Kristos immoo anaaf filate; karaa isa kamiin kaardii filannoo kootii buusuu irratti hundaa'a. An Isa irratti waanan gateef guddiseen gammada; biyyi lafaa waan jechuu barbaade haa jedhu. An amma iyyuu Inni kaleessa isa ture, har'a, bara baraanis isuma sana ta'uu Isaa nan amana. Inni kana in mirkaneessa. Inni dhugaatti kana in godha. Dhugaa dha.

Dabalaa jiraachuu yakkaa, yakka ijoollee ol adeemtuu!

Mee biyya keenya ilaalaa, al tokko ilillii biyya lafaa turte. Dimokiraasii jabaan keenya duuba fagoo… keessa hundeeffame, bara labsii walabummaa keessa hundeeffame. Labsiin birmadummaa mallatteeffamee ture, nuyis diimokraasii arganne. Hojii abbootiin keenya gurguddoon kanaan dura hojjetaniin, nuyi biyya guddittii qabaachaa turre.

Amma garuu isheen tortoraa jirti, isheen hurraa'aa, raafamaa, karaa irraa gortees badaa jirti. Isaan gama sanatti horii erganii diinota isaanii wajjin hariiroo hiriyummaa bituuf saba irraa gibira funaanaa jiru; isaan immoo deebisanii horicha fuula keenyatti darbachaa jiru. Lola Adduyaa Tokkoffaa, Lola Addunyaa Lammaffaa, ammas immoo isa sadaffaatiif sosocho'aa jiru. Dhuguman isiniin jedha. Siyaasi tortoreera, inni jal'inaan guutee hanga gara gadiitti tortoreera. Amma dhugaadhumatti wanti Maatewos 24 irratti dubbatame in ta'a, “Sabni saba irratti, mootummaan mootummaa irratti in ka'a.” Wantootni kun hunduu ta'uuf jiru. Amma mee kana haa ilaallu. Tole gaarii dha.

38 Waan kan biraa yaadadhaa, innis saffisaan dabaluu qorannoo saayinsii ti. Egaa amma, yeroo ta'e tokko… Akaakayyuun koo akkoo koo ilaaluu yeroo deemetti, gaarii (cart) sangaadhaan harkifamuun deeme. Amma garuu namni xiyyaara jeettiitiin deema, yookiis oorbiitii qilleensaa keessa galee gara hawwaatti achi ba'uu danda'a. Qorannoon saayinsii gar malee guddateera. Attamitti, kana kan dubbate eenyu? Daani'eel 12:4 irratti, “Bara isa dhumaa sanatti beekumsi baay'achuuf jira” jedha. Yeroo amma keessa jiraachaa jirru in argina. Amma egaa haala addunyaan keessa jirtu, haala saanyinsii qalbeeffadhaa.

Ammas wanta bara har'aa kan biraa qalbeeffadhaa, innis sirna barnootaa keenya yeroo ammaa ti. Amma waan kana haaluu hin yaalinaa. Gaazexaa waa'ee barsiisa wal quunnamtii saalaa wal-…mana barumsaa ijoolleen keenya itti barattu keessatti barsiisanii, gaazexaa waa'ee isa isaan barattoonni saafelli yoo fedhii saalaa walii walii isaaniitiin qabaman, bakkeetti wal quunnamanii fedhii isaanii ba'uu danda'u jedhanii barsiisu jedhee odeessu of harkaan qaba. Sirrii dha, gooftaa.

Lubummaa keenya keessatti hoo? Galgala kana cittuu fuula gaazexaa tokkon of harkaa qaba. Loos Aangeles, Kaalifoorniyaa keessatti iddoo gurmuun luboota waldaa, Baaptistii fi Presbayiteeriyaaniin,

tajaajiltoonni jiranitti, gurmuu warra wal quunnamtii saaltokkee godhanii (homosexuals) ol naqanii, wal quunnamtii saaltokkee godhanii, kanas gara Waaqayyotii isaan injifachuuf jennee gochuuf yaalaa turre jedhan. Inni kun egaa abaarsa bara har'aa keessaa isa tokko, warra Sodoomii! Seerri biyya lafaa iyyuu qabee isaan hidhe.

39 Yoos nuyi garamitti? Guutummaan sirna keenyaa nu duraa tortoree badeera. Dabaliinsi saal quunnamtii saaltokkee (homosexual) Yuunaayitid Isteetii keessatti, bara darbe dhibbeentaa digdamaan yookiin soddomaan akka dabale, an argeera. Mee waa'ee kanaa yaadaa, akkuma isa Sodoom keessatti raawwataniitti, dhiirri dhiiraa wajjin jiraata.

Dabalaa adeemuu yakkaa, yakka daa'immanii! Yeroo attamii keessa jiraachaa jirraa? Dubbiin raajii kun har'a raawwatame.

Amantiin biyya lafaa, waldaa mataan ishee, waldattiin, waldaan isheen waamamtee baate, waldaa waamamtee baate jennee isheen waamnu, barri waldaa inni xumuraa, barri waldaa Phenxeqoostaalii, isheen eessa jirti? Akkuma Dubbiin Macaafaa jedhutti, isheen Laa'odiiqeyaa keessa jirti.

Har'a isaan mana bunaam, mana dhugaatiitti leeyyaasifamaniiru. Dubartoonni isaanii gar tokkoo qullaa yaa'u. Dhiironni isaanii…Kun waan rifaasisaa dha. Kaan isaanii yeroo sadii yookiin afur kan fuudhantu boordii diyaaqonii fi tajaajila biroo irratti muudamu. Isaan leeyyoo, jallina ofitti fidan, sababiin isaa, isaan koree dhaabanii bakkicha biyya lafaa wajjin fudhatan.

Har'a isaan ijaarsa hamma yeroo kanaatti qabaachaa turan irra kan caalu ijaarrataniiru. Iddoo tokkotti, isaan keessaa tokko galma doolaara miliyoona shantamaa ijaaraa jiru, doolaara miliyoona shantama. Phenxeqoostaalotaa! Isaan kun waggaa digdamii shaniin dura moggaa dachaa sanaa dibbee rukutaa turan. Isaan, “Nuyi…” jedhan.

Sababiin isaa, Macaafa keessaa Mul'ata boqonnaa 3 keessatti dubbateera, innis, “Ati, 'Ani sooressa, geessifadheera, wanti ana barbaachisus hin jiru. Ani mootuun (queen) addana nan taa'a' in jetta; ati nama gadadmaa namni boo'uufiin ta'u, deegaa, jaamaa, qullaas ta'uu kee hin beektu!” jedha.

Dubbiin Macaafaa kun har'a ija keessan duratti raawwatameera. Ameen! Ameen jechuun “akkasuma haa ta'u” jechuu dha. An ofiikoo ameenessaa (amening) hin jiru, Dhugummaa Isaa nana man jechuu koo ti malee. Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwatame.

40 Waldaan Phenxeqoostaalii haala Laa'odiiqeyaa keessa jirti. Oo, isaan amma iyyuu akkuma kanaan duraa, yummuu meeshaan muuziqaa rukutamutti in utaalu iyyaniis in caraanu. Yummuu muuziqaa rukutuun dhaabatutti, yookiin kaan isaanii muuziqaa biitnik (beatnik music) taphataa, Kristaana jedhanii of waamu; battala muuziqaan sun dhaabatutti, ulfinni hunduu in godaana. Hubattanii?

Inni Waaqayyoon galateeffachuu isa dhugaa taanaan, fiishkaa (whistle) fi humni isa dhaabuu danda'u biyya lafaa kana irra hin jiru. Inni dhuguma kan Waaqayyo biraa dhufe taanaan, meesshaa muuziqaa ol kaafamee rukutamu fudhachuu hin qabu. Inni Hafuura Waaqayyoo isarra bu'u in fudhata. Wanti inni godhu isa kana.

Isaan erga Isa irraanfatanii turaniiru, sababiin isaa, kennaan Hafuura Qulqulluu, “ragaan jalqaba afaan haaraa dubbachuu dha” jedhu dareetti barsiifamaniiru waan ta'eef. Seexannii fi tochituun yookiin warri qoricha namatti godhan afaan haaraa yummuu haasa'an dhaga'eera.

Hafuurri Qulqulluu Dubbii Sagalee Waaqayyoo isin keessaa jiru dha, innis Sagalicha fudhachuudhaan adda Of in baasa. Sanaan alatti inni Hafuura Qulqulluu. Inni Hafuura Qulqulluu dha ofiin jechaa Macaafa Qulqulluu keessa Jecha tokko yoo amanuu dide, inni Hafuura Qulqulluu ta'uu hin danda'u. Amantanis amanuu baattanis ragaan isaa kana dha.

41 Milikkita guddaa kan biraa qalbeeffadhaa. Yihudoonni biyya abbaa isaanii keessa jiraachaa jiru; biyya mataa isaanii qabu, maallaqa mataa isaanii qabu, miseensa Mootummoota Gamtoomanii ti. Isaan waraana mataa isaanii ijaarratanaiiru. Waan hundumaa of harkaa qabu. Isaan biyya isaanii keessa jiraachaa jiru; kunis isa Yesus, “Muka harbuu fakkeenya godhadhaatii irraa baraa” jedhe dha. Isaan achi jiru, amma biyya isaaniitti deebi'anii jiraachaa jiru. Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwarameera, Yihudoonni biyya abbaa isaanii keessa jiraachaa jiru.

Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwatameera, barri kun Bara Waldaa Laa'odiiqeyaa ti.

Dubbiin Macaafaa kun, Maatewos 24, har'a raawwatameera. Biyyi lafaa waan hundumaan badiisa keessa jirti, sabni saba irratti in ka'a, iddoo baay'eetti kirkirri lafaa in ta'a, bubbee jabaan gadi in dhufa, raafamuun sabaa fi wantoonni kana fakkaatan, manca'iinsi gurguddaan iddoo hundumaatti ta'aa jira. Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwatameera.

42 Egaa amma haala biyyi lafaa keessa jirtu ilaalaa turre. Waldaa isheen seeraa ofii isheetiin bultuu, waldaan isheen dhaabbata amantii, waldaan isheen damee amantii of jalaa qabduu eessa akka jirtu in

argina. Saboonni eessa akka jiran in argina. Akkasuma immoo abdiwwan kunneen har'a utuu raawwatamanii in argina.

Amma, garuu guyyaa kana keessa angafni (super) tokko in dhufa, Mootiin (Royal) Sanyii Abrahaam in dhufa. Kun dhugaadhumatti waan Inni ta'uuf jiru dha, Ilma Mootii abdachiifeef kan taatu Misirroo Intala Mootii ti. Akkuman galgala darbe dubbadhe, inni sanyii foonii hin ta'u, sanyii hafuuraa ta'a malee. Misirroon afuuraa dhalattee in guddatti, kunis maatii Sanyii Mootii Amantii Ilma Mootii Abrhaam fudhatanii in taati. Isheen guyyaa dhumaatti laficha irratti mul'achuuf jirti, yerichii fi lafachi abdii Isheedhaaf kenname dha.

Akkataa Dubbii Macaafaa Miilkiyaas boqonnaa 4tti, Ergaa ka'ee garaa namootaa raasee gara abboota ergamootaatti deebisutu jira. Namni tokko ka'ee lafarratti mul'achuu qaba, inni humna Eliyaasiin ka'ee lafarratti in mul'ata; namni lafa onaatii ba'e tokko Ergaa kallattiidhaan gara Sagalichaatti nama deebisu of harkaa qabu ka'uuf jira. Inni egaa bara nuyi amma keessa jiraachaa jirru dha.

43 Yoos, amma ilaalaa, sa'aatii kanatti isin namoota Jefersenviilee nan gaafadha. Bara 1933 keessa, Ifti ol waaqa irraa dhufee laga gamaa sanarra bu'e, innis kan ta'e yeroon namoota dhibba shan Maqaa Yesus Kristoositti cuuphaa turetti ture, an dargaggeessa naannoo waggaa digdamaan ture yeroo sanatti. Inni maal godhe? Dubbadhaa yaa warra Jefersenviilee! Miiljalee Ispring Istiriitii Wanti ture sun maali, Kooriyer Joornaal (Courier Journal) nan amana inni gaazexaa Helardii Loowisviilee ti, egaa Wanti inni maxxanse sun maal ture? Wanti dhkosaan kun warra Asooshi'eetid Preesii, warri Kaadaa dhoksaa Wanta kanaa hubataniiru. Dokteer Lii Vaayilee bara 1933 Kanaadaatti gaaxexaa keessaa kutee gate.

Dhuga ba'umsi kun kan ta'e yummuun nama kudha torbaffaa cuuphaa jirutti ture; guutummaa seenaa waan kanaa isinii ni beektu. Yeroon achi dhaabadhee nama kudha torbaffaa cuuphaa jirutti, Ifti tokko Waaqa irraa gadi dhufee, achitti gadi ibse, inni Urjii Waaqa irraa gadi bu'aa jiru in fakkaata ture. Sagaleen tokkos, “Akkuma Yohannis Cuuphaan dhufaatii Kristos isa duraatiif karaa qajeelche, Ergaan kee immoo Dhufaatii Isaa isa lammaaffaatiif guutummaa biyya lafaatti karaa in qajeelcha” jedhee natti dubbate. Dubbiin Macaafa kun har'a raawwatameera.

44 [Amantoonni waldaa ililchaa jiru.] Har'a! [Amantoonni waldaa guddisanii ililchuudhaan Waaqayyoon galateeffachaa jiru.] Isa kana Waaqayyotu abdachiise. Maaltu ta'e? Har'a Inni guutummaa biyya lafaa wal ga'eera.

Yeroon mucaa xinnoo turetti wuuxxii boba'u keessatti, yookiin wuuxxii ol gubbaa jiru sana keessatti, ol gubbaa lafa Waaten iddoo Utikaa Paayikeetti, Waaqayyo gadi bu'ee Utubaa Ibiddaa boba'u keessaan natti dubbate; dhugummaa waan kanaa akkuma isin beektan, mana baadiyyaa sana irraan gara iddoo dhugaatiin alkoolii seeraan ala oomiishamee gurguramu calalamuuttin waraaba ture. Inni, “Gonkumaa hin xuuxin, yookiis hin dhugin, yookiis, dhagna hin xureessin, yeroo guddattutti hojii ati hojjettu jiraatii” naan jedhe. Wanti sun Dhugaa ta'uu Isaa qoree nan mirkaneessa, an Isa argeera. Waaqayyos akkuma Musee wajjin yeroo ture godhetti, amanoota dachaa gama sanaa keessa turanitti dubbatee, “Kun Dhugaa dha” jedhee isaanitti dubbate.

Dubbiin Macaafaa kun har'a nu gidduutti raawwatameera.

Waa'ee wanta yaada garaa namaa keessaa bakkeetti baasanii beekuu fi attamitti akka inni ta'uuf jiruu waan Inni dubbate qalbeeffadhaa; harka kee isaan irra kaa'uudhaan dhoksaa garaa namootaa in barta jedhee dubbate. Dubbiin Macafaa kun har'a utuu iji keenya ilaaluu raawwatameera.

45 Abdiwwan abdichaafam kunneen, hubadhaa, abdiin abdachiifame hunduu Waaqayyo Isa abdicha abdachiiseen dhugaan ba'amee, raawwatameeras. Ilaalaa, har'a galgala kana suuraan Ergamaa Waaqayyoo Waashiingten D.C tii fannifamee (hanging) jira!

Dura taa'aan qorannoo ashaaraa fi galmee FBI kan mootummaa Yuunaayited Isteetii Joorgi J.Laasiin Hoosten, Teeksaas irraa akka qorannoo Isa irratti adeemsisanitti, “Guutummaa addunyaa keessatti hanga har'aatti, Uumama beekumsa namaatiin beekuun hin danda'ame (supernatural Being) kan suuraa kaafame Isa kana duwwaa dha” jedhe. Beekuutu isa irraa eegama ture; maaliif jennaan, inni nama qorannoo akkasii beekuudhaan addunyaa irratti dorgomaa hin qabne dha.

Qalbeeffadhaa, Dhugaa ta'uun Isaa fudhatama argatee Inni achitti fannifamee (hangs) jira, Inni Utubaa Ibiddaa isa Israa'eliin lafa onaa sana keessatti dura bu'ee geggeessaa turee wajjin tokkuma. Inni har'as Ergaa gosuma sana Isa, “Gibxii keessaa kottaa ba'aa!” jedhuun dura bu'ee geggeessaa jira. …?... Dubbiin Mcaafaa kun har'a raawwatameera. Ergaa isa Inni dubbate sana isin in beektu.

46 Mul'ata (vision) waggaa sadi dura addanuma Tuuksanitti utuun karaa irra dhaabdhee jiruu gara koo dhufee ilaalaa. Yoom, kun utuu hin ta'in waggaa shaniin dura, Inni, “Guyyaa bulchiinsi magaalattii qofoo balbala kee duratti qofa'utti, fuula kee gara Dhihaatti naannessi” jedhee natti dubbate. Hoolonni waldaa kootii yeroo sana in beeku. Kun sirrii dha.

Guyyaa obbo Goyinesii fi waahillan isaa ol dhufanii qofoo qofa'anitti, "Waa'ee kanaa waan ta'e tokkotu jira" jedheen haadha manaa kootti dubbadhe.

Isheenis deebiftee, "Maal inni?" naan jette.

Anis manatti ol galeen kitaaba yaadannoo kootii ilaale. Kunoo inni achirra jira ture.

Borumtaa isaa ganama sa'aatii afuritti kutaa koo keessan taa'an ture, nannoo sa'aatii afuriitti Ergamaan Waaqayyoo gadi bu'e. Inni, "Gara Tuuksan dhaqi. Kaaba- baha Tuuksanitti in dhaqxa, achitti Ergamoonni Waaqayyoo torba gurmuu (cluster) tokkoon dhufanii guutummaa lafa naannoo kee jiruu in raasu" naan jedhe. Itti fufees, "Achitti wanta sitti himamu tu jira" naan jedhe.

Utuu wanti kun hin raawwatin dura namoonni kana beektan meeqatu as jira? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Namoonni yeroo wanti kun ta'aa ture achi dhaabataa turan, kan amma galgala kana mana kana keessa taa'aa jiran jiru.

Innis, "Mallattowwan Torban dhoksawwan dhokatoo guutummaa Macaafa Qulqulluu ta'anii banamanii, Mul'atni boqonnaa 10 in raawwatama, Ergaa Ergamaa Waaqayyoo isa torbaffaa keessatti wantoonni kunniin in raawwatamu" jedhee natti dubbate. Dubbiin Macaafaa kun har'a ija keenya duratti raawwatameera. Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwatame.

47 Waggaa darbe ani fi obbo Wuudsi namni addana jiru, gara gaaraatti ol baanee dhanna turre, haati manaa isaa waan dhukkubsattuuf akka gadduu ta'aa ol baane. Hafuurri Qulqulluu, "Dhagaa lafa ciisee jiru sana fuudhii qilleensa keessa ol darbadhu. Yeroo inni gadi dhufutti, 'KANA GOOFTAATU DUBBATE, firdii lafa rukututu jira' jedhii dubbadhu. Sa'aatii itti aanan muraasa keessatti harka Waaqayyoo arguuf jirta isaan jedhi" jedhee natti dubbate.

Anis obbo Wuudsittin hime; inni galgala kana as jira. Tilmaamaan namoonni saddeet, yookiin kudhan, yookiin kudha sahan ta'an yeroo wanti kun ta'etti achi turan; Borumtaan isaa ganamni yeroo itti Gooftaan bubbee jabaa keessaan gadi bu'ee tulluu naannoo keenya jiru qunciseee, mukkeen mudhii olitti kukkutee irraa gatee, mukkeen dhodhoosee, "Firdiin gara biyya Qarqa Dhihaatti dhi'aateera" jedhee dubbate ture.

Kun ta'ee guyyaa lama booda, harki baay'een Alaaskaa gara lafa jalaatti dhidhimte. Yeroo sanaa jalqabee gajjallaa fi gararraa Qarqara Garbaatii, hafuurri (belches) firdii Waaqayyoo golgaa hafuuraa (spiritual screen) sanaan in morma. Golgaan sibiilaa tokko, golgaa shoboqqoo tokkoo fi golgaa cubbuu tokkotu jira.

48 Qaroominni aduu wajjin deemeera; Wangeellis akkasuma. Isaan akkuma aduu baha irraa ka'anii gara dhihaa deeman. Egaa Inni amma Qarqara Dhihaa jira. Inni kana caalaa deemuu hin danda'u; Inni yoo kana caalaa in deema ta'e, deebi'ee gara bahaatti in deebi'a.

Raajichi, "Guyyaan biraa tokko in ta'a; gaafas guyyaan hin ta'u, halkanis hin ta'u," guyyaa ifa dimimmisa'aa, rooba baay'ee fi hurrii kan qabu, callistanii miseensa waldaa taanaan yookiin maqaa keessan miseensummaatti galmeessinaan kun ga'aa dha guyyaa itti jedhamtan in ta'a. "Gaafas yeroo galgalaa'utti garuu Ifni in ta'a" jedhee dubbateera. Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwatame.

Aduu (s-u-n) isuma karaa bahaa ba'utu, karaa dhihaatiin lixa. Akkuma kana Ilma Waaqayyoo (S-o-n of God) isuma karaa bahaa dhufee Ofii Isaa Waaqayyo foon uffatee mul'ate akka ta'e mirkaneessetu, as heemisfeera dhihaa kanatti galgala kana waldaa Isaa gidduutti, Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana ta'uu Isaa addaan baasee Ofii Isaa mul'isaa jira. Ifni Ilma Waaqayyoo inni yeroo galgalaa'uu dhufeera. Dubbiin Macaafaa kun har'a fuula keenya duratti raawwatame.

49 Bara Abrahaam kana keessatti nuyi eessa jirra? Yeroo guddicha kana keessaa, sa'aatii guddaa keessa jiraachaa jirru kana keessatti eessa dhaabannee jirra? Mul'anni (visions) hunduu raawwatameera.

Yeroo tajaajilaan fira keenyaa xinnaan as jiru sun, tajaajilaa waldaa obboleettii waldaa keenyaa kan ta'e Juuniyer Jaaksen, guyyaa tokko utuun god asana jiruu fiigaa gara koo dhufee sana in yaadattu. Inni, "Obboleessa koo Branhaam, abjuun abjoodhe tokkotu na dhiphisaa jira. Obboloonni hunduu gaara tokko irratti utuu walitti qabamanii jiraniin arge. Gaara kana irratti immoo, ati ergaa bareeffame sanarraa, ergaa yeroo sana dhagaa keessaa bocamee baafame kan fakkaatu wayii irraa nu barsiifta turte. Yeroo isa xumuretti, wanti hunduu in xumurame, atis akka jettee nutti dubbatte, 'Kottaa as dhi'aadhaa' nuun jennaan, hundumti keenya walitti qabamne" jedhee natti dubbate.

"Iddoo ta'e tokko deemtee, waan akka gadduumii fakkaatu wayii fudhattee dhuftee waan akka piraamiidii xinnaa sana irra keessaan rurrukuttee bante. Yummuu ati akan gootutti, inni dhagaa giraanaayitii barreeffama of irraa hin qabne dha. Atis 'Gara kanaa ilaalaa' nuun jette. Nuyi hundumti keenyas ilaaluu jalqabne" naan jedhe. "Of duuba galagalee yummuun ilaalu, gara dhihaatti deemaa jiraachuu keen hubadhe, ariifattee hamma dandeettii keetii hundumaan gara lixa biiftuutti deemaa

jiraachuu keen hubadhe” naan jedhe. Isin keessaa nama meeqatu kana yaadata? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.]

50 Ani hamma Hafuurri Qulqulluun isa mul'isuttu yeroo xiqqoodhaaf achi nan dhaabadhe. Anis, “Guutummaan Macaafa Qulqulluu baay'een karaa qajeelummaa, karaa qulqullummaa, karaa cuuphaa Hafuura Qulqulluu, karaa Maqaa Yesusitti cuuphamuu, fi wantoonni kanneen hunduu mul'ifamaniiru; garuu dhoksawwan keessa isaa dhokfamanii jirantu jira, sababiin isaa, Macaafni Qulqulluun Mallattowwan Torbaan mallatteeffamee cufame waan ta'eef. Isa arguuf immoo achi deemuun koo dirqama” jedheen dubbadhe.

Ganama gaafa sanaa yummuu Ergamoonni Waaqayyoo torban kunniin gadi dhufanii lafa dhoosanaan dhagaan karaa hundaan daddayya'ee furguggufametti, Ergamoonni Waaqayyoo torba achi dhaabatanii, “Fuula kee gara Jefersenviileetti, gara iddoo irraa dhufteetti achi galgalchi; dhoksaan Mallattowwan Torbanii in banama waan ta'eef” naan jedhan.

Nuyi kunoo har'a, Sanyii Bofaa, barree hubannee kunoo as jirra. Yoo fedha Waaqayyoo ta'e guyyoota muraas booda maalummaa Gaa'ela Dhaabuu fi Gaa'ela Diiguu isa sirrii in barra. Wantoonni Waaqayyo bane kunneen hunduu, Mallattoon kunneen hunduu, dhoksaa erga biyyi lafaa uumamee jalqabee ture dha. Nuyis gammachuu keessa turre, eebba Isaa nurra Jira! Kun sirrii dha. Har'a, kun Dubbii Macaafaa ti!

51 Barruun Laayifii (Life Magazineq) mata duree, “Geengoon Ifaa Dhoksaa ta'e tokko Tuuksanii fi Phooneksii irra qilleensa keessa deema” jedhee maxxanse, akkaataadhuman utuu wanti kun ta'in waggaa tokko dura isinitti himetti, inni boca rog-sadee kan fakkaatu ta'ee mul'ate. Suurichi godasitti waldaa keessatti fannifamee jira. Warri barruu sana fudhattan of biraa qabdu. Inni guutumaan guutuuttu akkuma achi turetti maxxanfamee ba'e. Isaan, “ Inni maaliyilii digdamii torba kan dheeratuu fi maayilii soddoma kan bal'atu ture” jedhanii maxxansan. Isaan amma iyyuu maaltu akka raawwatme beekuu hin dandeenye. Inni haala dhoksaa ta'een mul'atee haala dhoksaa ta'een deemee sokke.

Obboleessi keenya Fireed Sotmaan, obboleessi keenya Giinii Noormaanii fi ani achi dhaabanna turre. Dhuga baatuun sadiitu ture. Akkuma isa yeroo Inni gara tulluutti ol ba'etti, dhuga ba'umsa akka kennaniif Phexros, Yaaqoobii fi Yohannis fudhatee ol ba'ee ti. Isaan achi dhaabatnii yeroo wanti sun ta'uu fi raawwatu sirriitti ilaalanii, arganii hubatan.

Kunoo Inni samitti rarra'ee achi jira; baay'ee ol fagoodha, iddoo qilleensi jiidhaan hin jirre, iddoo jiidhiinsi hin jirretti, yookiin iddoo wanti hurrii uumuu danda'uu jiraachuu hin dandeenyetti uumame. Isaan attamitti achi dhufuu danda'an? Inni Ergamoota Waaqayyoo erga Ergaa isaanii fidanii booda ol deebi'ani dha. Dubbiin raajii kun har'a nu gidduutti raawwateera. Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwachiifameera.

Akeekkadhaa, Mallattowwan Torban banamaniiru. Bubbee jabaan gara Qarqara Dhihaatti deemaa jira. Egaa amma, isinis akka warra kanaan duraa sanaa isa kana hin dagatinaa.

52 Egaa amma, yaada keenya gara Guyyaa keessa jiraachaa jirru kanaatti haa sassaabbannu. Caaffanni Qulqulla'aan waa'ee har'aa, waa'ee yeroo amma keessa jiraachaa jirruu maal jedha? Yesus dubbachaa utuu jiruu…Hundumaa fudhee ilaaluuf yeroon waan ana hin geenyeef, utuu hin goolabin dura tokkoon kana fudheen isinii wajjin ilaaluu barbaada.

Wangeela Luqaas boqonnaa 17 lakkoofsa 30ffaa irratti Yesus dubbateera. Yesus Kristos, Ofii Isaatii Sagalicha! Isa kana in amantuu? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Yesus Kristos, Sagalichi foon uffate dubbatee, yeroo dhumaatti Sagalichi in mul'ifama, inni kun egaa milikkita dhuma biyya lafaa in ta'a jedhee dubbate. Inni sabni saba irratti in ka'a jedhee isaanitti dubbate, garuu addumaan immoo, Inni, “Akkuma guyyoota Sodoom ta'e sana, guyyaa Ilmi namaa mul'ifamuttis akkasuma in ta'a” jedhe.

Egaa amma, Yesus gara biyya lafaa yeroo dhufetti maqaalee ilmaa sadi'iin dhufe. Ilma namaa, kana jechuun raajii jechuu dha; Ilma Waaqayyoo; fi Ilma Daawitiin dhufe.

Egaa, Inni biyya lafaa kana irra jiraate. Inni gonkumaa Ani Ilma Waaqayyooti Ofiin hin jenne. Inni, “Ani Ilma namaa ti” Ofiin jedhe. Yaahwee Mataan Isaa Hisqi'eelii fi raajotaan, “Yaa Ilma namaa” jedhee waame. Sababiin isaa, Dubbii Macaafaa raawwachuuf Inni akka raajiitti dhufuutu Isa irraa eegama waan ta'eefi. Museen, “Waaqayyo Gooftaan keessan raajii akka kootii isiniif in kaasa” jedhe. Sababiin Inni achitti Ilma Waaqayyoo hin ta'uu hin dandeenyeef isa kanaafi, sababiin isaa, Inni Ilma namaa ture. Inni… “Sagalichi gara raajotaa dhufa ture.” Inni immoo guutummaa Sagalichaa ture. Ilmi namaa raajii guddaa dha… Raajii guddaa iyyuu miti, Waaqayyo-raajii ta'edha malee, “Guutummaan Waaqayyummaa dhagna Isaa keessa in jiraata.” Kanaafuu, Inni Ilma namaa ture.

Egaa amma, waggoota kuma lamaan darbaniif, Inni akka Ilma Waaqayyootti, Hafuuraan nutti beekamaa har'a ga'e.

Bara Barkumee (Millennium) keessatti immoo, Inni Ilma Daawit ta'ee Teessoo Mootii irra in taa'a. Nuyi hundumti keenya, warri Caffatoota Qulqullaa'ootti amannu hunduu isa kana in beekna.

53 Egaa amma, dhuma bara waldaa nuyi amma keessa jiraachaa jirruutti wanta ta'uuf jiru Yesus dubbateera, innis, “Haaluma isa Sodoomitti ta'eetiin, Ilmi namaa ammas in mul'ata” kan jedhu ture.

Akkaataa Inni seenaadhaan wal qabsiisee dubbate ilaalaa. Jalaqabatti, Inni, “Akkuma guyyoota Nohitti ta'e, akkuma isa isaan nyaachaa, dhugaa, fuudhaa, heerumaas turanii in ta'a” jedhe. Sana booda, Inni itti aansee, xumaura irratti waa'ee Ilma namaa Sodomii wajjin wal qabsiisee dubbate. Sababiin isaa, achitti Inni warra Yihudootaa wajjin hojjechaa ture; asitti, Sodoom keessatti immoo Inni Warra Saba Waaqayyoo hin ta'in (Gentiles) warra jedhamanii wajjin hojjechaa jira. Achitti, Inni firdii keessatti hundumaa isaanii bishaanii nyaachisisiisee balleesse; asitti, Warra Saba Waaqayyoo hin ta'in (Gentiles) warra jedhaman immoo guyyaa Sodoomitti guutummaa isaanii ibiddaan gubee balleesse. Kun Sirrii dha. Warri Saba Waaqayyoo hin ta'in achitti gubatan, “yeroo Ilmi namaa itti mul'atuttis akkasuma in ta'a.” Kana booda bishaan badiisaa hin ta'u, yeroo ammaa akan keessa ibiddi in harca'a. Yesus yeroo waa'ee Sodoomii dubbisetti, Seera Uumamaa boqonnaa 23 isuma nuyi dubbifannu keessaa isaaniif dubbise.

54 Amma egaa, haala waa'een isaa dubbatamee, haala Sodoomii biyya lafaa, warra Sodoomii, biyyi lafaa haala Sodoomii keessa jiraachuu ishee in amanna. Nuyi, isa kanaaf namni hunduu “ameen” jechuuf jira. Isa kana in amanna. Sirrii dha.

Haala hafuuraa Laa'odiiqeyaa, haala waldaan isheen kan foonii keessa jirtuuf nuyi “ameen” jechuudhaan milikkita isheen in fudhanna. Isa kana in beekna. [Waldaan, “Ameen” jedhan.]

Biyyi lafaa haala Sodoomii keessa akka jirtu in beekna. Kun sirrii dhaa? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Isa kana fuul duratti in fudhanna.

Garuu waa'ee milikkita Abrahaam isa kakuu ilmaa eeggachaa jiruu hoo attam goona? Inni isa kan biraa ti.

Yaadadhaa, Isaan dur Sodoom keessatti ergamaa isaaniif ergame qabu turan. Abrahaamis Ergamaa of biraa qaba ture.

Abrahaam guyyaadhaa gara guyyaatti wanta in danda'ama jedhamee hin yaadamne eeggata ture. “Saaraan waggaa sagaltama, inni immoo waggaa dhibba tokko turan.” Akkaataa kakuu Waaqayyootti, inni amma iyyuu kakuu sana eeggataa jira ture. Wanti jedhame sun hin ta'u jedhamee xiinxala yaada namaatiin xiinxalamu hundumaa gidduu taa'ee, inni ilma eeggachaa ture.

Akkuma isaa amanaa dhugaan amma iyyuu abdii deebi'ee dhufuu Ilma Waaqayyoo eeggachaa jiraa! Hubadhaa, utuu ilmichi isaaf hin dhalatin dura milikkita isaaf kennametu ture. Milikkinni Ilma maatii Sanyii Abrahaam isa Ilma Mootii eeggachaa jirutti dhufee mul'ifamuu, isa kan Abrahaam abbaa ilma foonii wajjin tokkichuma mitii? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Kun sirrii dhaa? [“Ameen.”] Yesusis akkasuma jedhe, kunoo Luqaas 17:30 irratti, “Yeroon kun utuu hin dhufin dura, balleeffamuu Sodoomiin dura, akkuma Sodoom keessatti godheetti, Ilmi namaa in mul'ata” jedhe. Egaa amma nuyi milikkita barbaaddachaa jirra.

55 Egaa amma mee haalota yeroo akka isa Sodoom keessa tureetti haa fudhannu. Hubadhaa, isaan, biyyi lafaa guutummaatti jireenya sodoomii keessa galalan.

Nan yaadadha, dhi'oo kana daayirekteera fiilmii keessaa tokko suuraa isaa maxxansanii turan, anis itti siqee yeroon suurich ilaalu, inni Sodoom jedhama ture. Takkaa isa argitanii beektu yoo ta'e, inni waanuma sanadha malee waan biraa miti, mee gara isaa ilaalaa. Inni dhugaadhumatti suuraa akka gaariitti Yuunaayitid Isteet bara har'aa ibsuu dha, innis Hooliiwuudii dha, eeyyee dhugaadhumatti; gosa uffataa fi wantootni boron hunduu akkuma yeroo sanaa ti; machii gurguddaa yakkaaf isaan saaxuluu fi wantoota kan biroo, duudhaa aadaa amantii namootaa, isa akkasumaan amantii jedhamee waamamuutu achitti geggeeffama.

Qalbeeffadhaa, Sodomis dhuga-baatuu qabdi turte, dhuga-baatuun sunis ilma obboleessa Abrahaam kan ta'e nama Loox jedhamu ture.

Egaa amma, Abrahaamii fi gareen isaa gara Sodoomitti gadi hin buune. Inni garee guddaa isaa wajjin jiran qaba ture, garee guddaa mootota darzaana tokko loltoota isaanii wajjin rukutee biyyaa baasuu danda'u of biraa qaba ture. Kanaafuu, inni garee guddaa isaa wajjin jiran qaba ture. Guyyaa tokko yeroo waan hunduu bita isatti gala jirutti, bakkeetti achi ba'ee muka qilxuu jala in taa'a ture; namni yaa kanaa isaan jedhu tokko illee hin jiru ture, inni garuu callisee kakuu isaaf galamatti sanatti ciche.

Amma utuu hin goolabin dura sirriitti hordafaa.

Utuma inni achi taa'aa jiruu, namoonni dhiiraa sadii asii gadi deemaa isatti dhufan. Isaan keessaa namoonni lama jarri akka achi keessaa ba'aniif, Loox akka ishee keessaa ba'uuf Wangeela lallabuu gara Sodoomitti gadi bu'an. Sirrii dhaa? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Garuu Inni tokko Abrahaam biratti hafe. Hubadhaa, Namni Abrahaam biratti hafe sun Ofii Isaatii Waaqayyo dha. Warri kaan lamaan Ergamoota Waaqayyoo warra ergaa baatanii deemani dha.

56 Egaa amma, isaan dachaa Sodoomitti dinqii hin hojjenne; isaan jaamummaa duwwaadhaan isaan rukutan. Wangeela lallabuun yeroo hundumaa jaamummaadhaan isaan in rukuta.

Egaa haala guyyaa sanaa ilaalaa. Waldaan uumamaa jirti. Akkuman galgala darbe dubbadhe, Waaqayyo sadii bakka in bu'a. Warra Sodoomotaa, warra Looxotaa fi warra Abrahaamotaatu turan. Har'a galgala kanas inni iddoodhuma sana jira, biyyi lafaa haaluma san keessa jiraachaa jirti.

Mee waan tokkon isini gaafadha. Mee haala amma keessa jiruu ilaalaa. Abrahaam Namicha isatti haasa'e kana, “Elohim” jedhee waame. Jechi afaan Ibrootaa Elohim jedhu hiikkaan isaa, “Isa hundumaa geessifate, Isa Baraa hamma Bara Baraatti jiraatu” jechuu dha. Elohim Waaqayyo Mataasaa ti.

Jalqabatti, Uumamni boqonnaan 1, “Jalqabatti Waaqayyo…” jedha. Jecha Ibrootaa, yookiin jecha Griikii kana iddoo jecha Waaqayyo jedhuu yoo buuftan, “Jalqabatti Elohim waaqaa fi lafa uume” jedha.

57 Asitti, Inni as naannoo Uumama boqonnaa 22tti, yookiin naannoo boqonnaa 20tti ammas inni Nama kana Elohim jedhee maqaa moggaase. Inni maaliif kana godhe? Inni Abrahaamii wajjin taa'ee foon dibicha qalamee nyaatee, aannan dhugee, bidden wayiis nyaate sun Waaqayyo isa foon namaa uffatee mul'ate dha. Waaqayyo Ofii Isaa ti, Abrahaam duraas battalatti in dhabame.

Garuu Inni milikkita isaaf kenne. Qalbeeffadhaa. Milikkinni sun immii wanta Inni yeroo dugada Isaa dunkaanichatti gatee taa'aa ture hojjete dha.

Egaa yaadadhaa, guyyoota muraasa dura maqaan Abrahaam, Abraam jedhama jedhama ture, maqaan Saaraa immoo Saaraayi jedhamti turte. S-a-r-a-i gara S-a-r-a-h tti, A-b-r-a-m gara A-b-r-a-h-a-m tti jijjiirame. Abrahaam jechuun, “abbaa sabootaa” jechuu dha.

Amma as irratti sirriitti caqasaa, akkuma Yesus haalicha ilaalaa jedhee nutti dubbatetti, haala yeroo amma keessa jiraachaa jirruu in ilaalla. Warra hafan hundumaa sirriitti ilaalleerra; mee amma immoo Sanyii mootii (royal Seed) haa ilaallu, milikkita attamii akka ilaaluu qaban haa ilaallu.

Egaa Namni kun, “Abrahaam, haati manaan kee Saaraan meerre?” jedhe.

Abrahaam immoo, “Isheen Si duubaan dunkaana keessa jirti” Isaan jedhe.

Egaa, Inni takkaa ishee argee hin beeku. Maqaan isaa Abrahaam ta'uu isaa, Inni attamitti bare? Maqaan ishee Saaraa akka ta'e, Inni attamitti bare? “Abrahaam, haati manaan kee Saaraan meerre?”

Innis, “Isheen Si duubaan dunkaana keessa jirti” Isaan jedhe.

Inni, “Ani…” jedhe, “Ani,” bamaqa jalqabaa qeenxee ti. “Ani akkaan siif kakadhetti si yaadchuufan jira. Haati manaa kee mucaa sana in godhatti. Ati Ana amanatteetta, amma kakuun sun akka rawwatu Nan godha” isaan jedhe.

58 Saaraanis duubaan dunkaana keessa teessee, gurra qeensitee dunkaana keessaan dhaggeeffattee, dhoksitee seeqxee, “Amma, anuma kanatu moo, dubartii dulloomtuu akka kootii kanatu gooftaa koo gammachiisuu danda'aa, innis nama waggaa dhibbaa tokkoo ta'ee na gammachiisuu danda'aa? Want kun erga dhaabbatee waggoota baay'ee lakkoofsiseera waan ta'eef” jette.

Egaa Namichi, N-a-m-a, Inni foon uffatee akkuma nama kamiitti nyaachaa dhugaas ture; wayyaan Isaa fi miilli Isaa awwaaraan kan rukutamee turee yoo ta'u Abrahaam awwaaricha irraa dhiqe. Waaqayyo Ofiisaatii ofduuba ilaalee, “Saaraan dunkaana keessaa maaliif akkas jettee seeqxe?” jedhe. Inni in beeka, Inni isa Saaraan dunkaana duubatti garaa ishee keessatti yaadde beekee bakkeetti baasuu danda'e. Sirrii dhaa? [Waldaan, “Ameen” jedhan.]

Amma egaa Sanyiin Mootii Abrahaam yeroo gara biyya lafaa dhufetti, Inni, Ilmi namaa maal hojjete. Guyyaa tokko Simoon gara Isaa dhufe; Indiriyaas isa fide. Inni, “Ati maqaan kee Simoon, ati ilma Yoonaa ti” isaan jedhe. Hubadhaa, kun amantii isa keessatti uume.

59 Filiphos Naataanaa'el biraa ba'ee adeeme; deebi'ee isa dhufee, “Kottuu Namicha nuyi argine tokko ilaalii; Yesus nama Naazireet, ilma Yooseef” isaan jedhe.

Inni, “Turi mee. Maraatummaa (fanaticism) sana keessaa wanti gaariin ba'u jiraa?” jedhee isa gaafate.

Inni immoo, “Kottuu ilaali” isaan jedhe.

Yeroo Filiphos Naataanaa'elii wajjin Fuula Yesus duratti dhi'aates, Yesus gara isaa ilaalee, “Ilaa nama Israa'el isa dhugaa isa sobni keessa hin jirre” jedhe.

Naataanaa'el, “Eessatti na beekta?” jedhee Isa gaafate.

Yesus immoo deebisee, “Filiphos utuu si hin waamin muka harbuu jalattan si arge” jedheen.

Kana irratti Naataanaa'el, “Rabbii! Ati Ilma Waaqayyoo ti, Ati Mootii Israa'eli!” jedheen.

60 Dubartiin akka akka safuutti hin jiraanne tokko bishaan boollaa waraabuu dhufte, isheen lafa bal'eensa akka kanaatii bishaan wayii waraabuuf dhufte. Yesus nyaataa fi dhugaatii akka bitaniif bartoota Isaa gara mangaraatti ergee ture. Yummuu isheen bishaan waraabuu dhuftetti Yesus, “Dubartii nana bishaan dhugaatii Anaaf kenni” isheedhaan jedhe.

Isheen immoo, “Kana jechuun waan Sirraa eegamu miti. Nuyi gargar kan qoodamnee dha. Isin warri Yihudii nu warra Samaariyaa wajjin walitti dhufeenya akkasii hin qabnu; nuyi Si wajjin waan tokko iyyuu walitti dhufeenya hin qabnu” Isaan jette.

Yesus immoo, “'Bishaan dhugaatii Anaaf kenni!' Inni siin jedhe kun Eenyu akka ta'e utuu hubattee, silaa situ Isa kadhata, Inni immoo bishaan yeroo hundumaa jiraatu siif in kenna” jedheen.

Inni haalli isheen keessa jirtu maal akka ta'e in arge. Inni, “Dhaqii abbaa manaa kee waamii kottu” isheedhaan jedhe.

Isheen immoo, “Anoo abbaa manaa hin qabu” jetteen.

Yesus immoo, “Isa, 'Abbaa manaa hin qabu' jette ba'eessa dubbatte. Abboota manaa shan qabda yoo turte iyyuu, inni amma sii wajjin jiru abbaa manaa kee miti'o; kana dhugaa dubbatte” ittiin jedhe.

Kana irratti dubartittiin, “Akka Ati raajii taate nan arga, yaa gooftaa. Masiihiin Inni Kristos jedhamu akka dhufu anuu beeka; Inni gaafa dhufe waan hundumaa nutti in hima” jette.

Yesus deebisee, “Ani Isa” isheedhaan jedhe.

Kana irratti dubartittiin okkotee ishee achumatti dhiiftee gara madaraatti fiigdee, “Kottaa Namicha waanan kanaan dura hojjedhe hundumaa anatti hime tokko ilaalaa; kun Kristos laataa?” jette.

61 Akeekkadhaa, Inni kana kan godhe warra Yihudootaa fi warra Samaariyaa duratti hojjete, garuu warra Warra Saba Waaqayyoo hin ta'in (Gentiles) jedhaman duratti hin hojjenne. Nuyi warri Warra Saba Waaqayyoo hin ta'in (Gentiles) jedhamna turre, nuyi warra Waaqayyoon hin beekne (heathens) bara sana keessa waan turreef, saboonni biraa kilabii waaqa tolfamaa waaqessuu dugda keenyatti fe'aa turan. Nuyi Masiihii in dhufa jennee eegaa turre hin qabnu turre.

Inni warra Isa barbaadan duwwaatti mul'ataa ture, nuyis Isa barbaaduutu nurra eegama ture.

Garuu warri in dhufa jedhanii Isa eeguu jedhaman, waldaa mataan ishee, yeroo wanti sun ta'uu isaa arganitti, isaan Isaan, “Ati seexana, Ati hooda himtuu dha, Ati Bi'elzebuul!” jedhan.

Yesus immoo, “Cubbuun kun isaaniif in dhiifama” jedhe, sababiin isaa, Inni yeroo sanatti hin duune ture. “Garuu” jedhe, “Guyyaa tokko Hafuurri Qulqulluu dhufee waanuma kana in hojjeta, jecha tokkittii dubbatee nama Isaan mormeef dhiifamni hin godhamu” jedhe. Guyyichis har'a, inni har'a iddoo guutummaan Sagalichaa walitti qabamee fannifamee (hang) jiru dha. “Eenyu illee Isaan mormee Isa irratti yoo dubbate garuu, biyya kanatti biyya dhufuuf jirutti dhiifama hin argatu” isaaniin jedhe.

62 Inni Hidda Sanyii Abrahaam ture. Addanas Hiddi Sanyii Abrahaam sanatu jira, Inni isa Namichi Abrahaamii wajjin taa'aa ture maal akka ta'e addaan baasee mul'isuuf dhufe, inni Waaqayyo Isa bara kana keessatti, “Akkuma guyyoota Sodoomitti ta'e, akkasuma bara dhufa Ilma namaatti, yeroo Inni akka Ilma namaatti Ofiisaa mul'isutti akkasuma in ta'a” jedhee dubbatee wajjin tokko akka te'e mirkaneessuuf dhufe. Ameen. Guyyaan kun guyyaa itti Dubbiin Macaafaa kun raawwatamu dha.

Mee har'a haala Waldaan keessa seentee jirtu ilaalaa. Mee Waldaa ishee Ilmi Waaqayyoo…ilaalaa. Guyyaa dimimmisaa kana mee ilaalaa. Dubbii raajii dubbatee hundumaa ilaalaa mee. Egaa amma, wanti hin amaleeffatamne tokko in ta'a, haalli keessa galamee jiru haala Sodoomii taanaan, keessummoonni keenya hojii irra jiru.

Namoota sadii ta'anii dhufan, namoota ajaa'ibsiisoo sadiitu waaqa irraa wal faana dhufan. Isa kana in amanna. Sadii ta'anii dhufan; Inni tokko Abrahaam biratti hafe. Hundumti isaanii achitti jalqaban, Inni tokko garuu Abrhamaa biratti hafe. Warri kaan gara Sodoomitti gadi bu'an. Sirrii dhaa? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Abrahaam jijjiirraa maqaa Abram irraa gara Abrahaamitti jijjiirame argate. Dhugaadhaa? [“Ameen.”]

Seenaa keessatti waldaan biyya lafaa takkaa hojjetaa Wangeelaa (evangelist) maqaa isaa h-a-a-m'n xumuramu, nama bara har'aa Biilii Grahaam (Billy G-r-a-h-a-m) irraan kan hafe argattee hin beektu. Kun sirrii dhaa? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] G-r-a-h-a-m, qubewwa ja'a (qubeessa Ingiliffaatiin) irraa ijaarame. A-b-r-a-h-a-m, qubewwan torba irraa ijaarame. Garuu G-r-a-h-a-m qubewwan ja'a qaba, ja'a lakkoofsa biyya lafaa ti, lakkoofsa namaa. Hubattanii?

63 Ala kanaa har'a waan adeemsifamaa jiru yoo ilaaltan, isaan ergamoota (messengers) Waaqa

(Heaven) irraa ergaman ta'uu isaanii in hubattu.

Biyya lafaa kana irratti yaada garaa geeddarannaa ifaan ifatti namni akka Biilii Grahaam lallabe jiraa? Namni akka Biilii Grahaam saba irratti jijjiirama fide takkaa jiraa? Namni tajaajila addunyaa giddu galeessa godhatee lallabe, namni akka isaa takkaa hin turre. Oo, Biilii Sandeeyii fi warri kaan as Yuunaayited Isteet keessatti beekamu turan, Biilii Grahaam garuu guutummaa addunyaatti beekamaa dha. Eessaa keessaa akka inni isaan waamaa jiru agitanii? Sodoom keessaa akka ba'aniif waamaa jira.

Inni garee isaa wajjin hojjetu (accompanying party) warra Phenxeqoostaalii keessaa qaba, innis Oraal Robertisi dha.

Garuu gareen warra Fo'amanii hoo? Milikkinni isaan in argu jedhamee yaadamu maali? Isaan in argatu jedhamee wanti yaadamu maali? Haaleluyyaa! "Yeroo galgalaa'utti Ifni in ta'a." Dubbiin Macaafaa kun har'a raawwatame. [Amantoonni ililchaa jiru.] Abdiin Waaqayyo abdachiise raawwatameera. Kun dhugaa akka ta'e in beekna. Har'a galgala kana Inni akkuma yeroo sana achi turetti as nu gidduu jira.

64 Egaa akkuman dhi'eenya kana isinitti dubbadhe, waan kamiin iyyuu lallabdanii, wanti lallabdan sunis Wangeela Dhugaa yoo ta'e, Waaqayyo waan sana raawwachuudhaaf in dirqisiifama. Kun dhugaa dhaa? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Egaa, kun dhuguma yoo ta'e, Waqayyo Inni Sagalicha barreesse, Waaqayyo Inni dubbii raajii sana dubbate, Waaqayyo Inni Waaqayyo Sagalichaa ta'e, amma dhufee Inni amma iyyuu Waaqayyo ta'uu Isaa haa mirkaneessu.

Akkuma Eliyaas gara Tulluutti ol ba'e; utuu ija irraa hin buqqifatin ilaalaa, Elsaa'i utuu ija irraa hin buqqifatin Eliyaasiin ilaalaa, "Hafuura kee harka laman barbaada" jedhe. Wayyaan Eliyaasis isa irra bu'e. Inni gara dachaatti gadi bu'ee, wayyicha dachaasee lagicha ittiin rukutee, "Waaqayyo Inni kan Eliyaas eessa jira?" jedhe. Wanti Eliyaasiif raawwate sun Elsaa'ifis in raawwate.

Wangeela isuma kalleessaatu, Humna isuma kaleessaatu, Ilma namaa isuma kaleessaatu har'as jira, bara baraanis jiraata. Ibroota 13:8. Isa in amantuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.] Yoos, isinan gaafadha. Ani Isa ta'uu hin danda'u, garuu Inni as jira. ["Ameen."] nuyi baattota duwwaa dha.

65 Namoonni muraasni iddoo jirtanitti, warri dhukkubsattanii fi warri miidhaa garaa garaa qabdan, akkan qaamaan isin argee hin beekne in beektu, Mee Waaqayyo…haa beeku, an yoon gadi of deebise kunuu ga'aa dha. Isin kadhadhaatii Waaqayyoon gaafadhaa.

An… jedhee hin yaadu, kaardiin kadhataa mana kana keessa hin jiru, jiraa? Lakki, ani hin…Kaardii kadhataa tokko iyyuu raawwannee hin laanne. Sagantaa kadhataa …tti, yookiin sagantaa fayyina dhukkubsatootaa waldaatti in qabaanna. Garuu, isin kadhadhaa.

Guutummaatti keessummaa akkan isiniif ta'e in beektu. Hubadhaa, warri Jefersenviilee ana hin beektanii! Namota Jefersenviileetiif kana gochuu hin barbaadu. Namoota fageenya irraa as dhufanin barbaada. Waaqayyo amma iyyuu akka mul'isu in argitu! Inni amma iyyuu isa kaleessa ture, har'as bara baraanis isuma sana akka ta'e in argitu!

Akkuma isa dubartiin dhukkubsattuun sun gootee godhee. Utuu Inni achiin darbaa jiruu isheen, "Nama kana nan amana" jette. Isheen rakkoo dhangala'uu dhiigaa qabdi turte, isheen, "Yoon shaashara wayyaa Isaa tuqa, akkan fayyu nan amana" jette. Sirrii dhaa?

Sababa amantii isheetiif, guyyaa sana Dubbiin Macaafaa in raawwatame. "Inn warra garaan isaanii cabe in fayyise, warra dhukkubsatanii fi warra naafatan in fayyise."

Yummuu isheen shaashara wayyaa isaa tuqxee achi baatee teessetti, Inni of duuba galagalee, "Eenyutu Ana tuqe?" jedhe. Inni namoota sonaan baay'ee achi jiran keessaa, tarii namoota galgala kana as jiran harka soddomaa caalanii namoota kumaataman achitti isa dhiibaa turan keessaa, Inni attamitti beekuu danda'e? Inni attamitti tuqamuu Isaa beeke? Inni, "Eenyutu Ana tuqee?" jedhe. Inni callisee akkasumaan kana jedhe miti; sababiin Inni kana jedheef, tuqamuun Isaa dhugaa waan ta'eefi. Inni, "Eenyutu Ana tuqee?" jedhee yummuu of duuba galagalee ilaalu, dubartittii iddoo isheen teessee, yookiin dhaabattee, yookiis bakka isheen jirtutte argee, dhangal'auun dhiigaa ishee akka dhaabbate isheetti hime.

Inni Yesus Isa kaleessaa ti. Inni har'aas Isuma. Isatti in amantuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.]

66 An si hin beeku, kana Waaqayyo beeka. Garuu ati dhukkubbii cinaachaa kan si dhiphisaa jiru qabda. Kun sirrii dha. Ati achi teessee waa'ee kanaatiif kadhachaa jirta. Ani siif keessummaadhaa, nuyi walii walii keenyaaf keessummaa mitii? Kun dhugaa yoo ta'e, ol ka'ii dhaabadhu. Ani si hin beeku. Inni isa kana, gurbaa dargaggeessa moggaa dhaabatee jiru sana. Atis lagaa kee irraa dhibee qabda. Kun sirrii dha. Ati waa'ee kanaa irratti kadhachaa turte. Waa'ee waan tokkootu guutummaatti si yaaddessaa jira. Ati tajaajilaa dha, seera qubeelaa geggeessisuuf jettee wal ga'ii kana addaan kuttee deemuuf yaadaa jirta. Kun sirrii dha. Uhuhhuu. Eenyu akka ati taate Waaqayyo akka beeku in amantaa? Luba (Reverend) obbo

Smiiz, amma fayyiteetta deemuu dandeessa. Yesus Kristos si fayyiseera. Gara wal ga'ii keetii deemi; kana booda liqimsituun kee si hin dhiphisu.

Inni Eenyuun tuqe?

67 Nama kallattii kanaan achi taa'ee jirutu jira; inni dhiphachaa jira. Inni somba isaa karaa bitaa irraa kaanserii qaba. Inni nama naannoo kanaa miti. Ati hojii albuuda baasuu hijjechaa turte. Kun sirrii dha. An guutummaatti siif keessummaa dha. Kun sirrii yoo ta'e, harka kee raasi. Kaanseriin (tumor) somba kee bitaa irra kan jiru yoo ta'u, amma akka asii baateen yaalii baqasanii hodhuutii deemuuf jirta. Kun sirriidhaa? Anti nama naannoo kanaa miti. Ati magaalaa kanaan alaa dhufte. Ati Virgiiniyaa irraa dhufte. Kun sirrii dha. Kun sirrii dha. Eenyu akka ati taate Waaqayyo akka beeku in amantaa? Obbo Miichel, kun sirrii dha, fayyiteetti mana keetti gali. Yesus Kristos si fayyiseera. Namicha gaafadhaa! Jireenya koo keessatti an isa hin argine. Inni achi taa'ee kadhachaa ture.

68 Dubbiin Macaafaa kun har'a!

[Obboleessi keenya Branhaam amantootatti dugda gate.] Kunoo dubartoon tokko as keessa, duuba kanaan, akkuma isa Saaraan dunkaana keessa turteetti, duuba kanaan jirti. Isheen intala isheetiif kadhachaa jirti. Ol ka'ii dhaabadhu. Intalli kee as hin jirtu; isheen, intalattiin fagoo jirti. Ati akka dubarii ishee gara Yesus dhuftee, intalli koo hafuura hamaadhaan qabamtee dhiphachaa jirti jettee Isatti himattee ti. Dubartittiin…mucaan durbaa sun hafuura hamaadhaan qabamtee jirti. Isheen as hin jirtu. Isheen…Ati Kaaba Kaarooliinaa irraa dhufte. Kana in amantaa? Kun dhugaadha, dhugaadha mitii? Aadde Oordersi, mana kee deemuu dandeessa. Garaa kee guutuudhaan yoo amante, akkuma isa guyyoota darbanitti Yesus isheen fayyiteetti jedheetti, intala keetii fayyitee si eegdutti in galta.

Dubbiin Macaafaa kun har'a; milikkita Sodoomii, milikkita Sanyii angafaa, milikkita waldaa uumamaa (church natural) ti! Dubbiin Macaafaa kun har'a isin gidduutti raawwatame. Kana in amantuu? [Amantoonni, "Ameen" jedhan.

Akka Fayyisaa lubbuu keessaniitti, akka fayyisaa foon keessanitti Isa in fudhattuu? Ol ka'aa miilla keessaniin dhaabadhaatii, hundumti keessan, "Ani fayyina foon kootii nan fudhadha. Ani Fayyisaa lubbuu kootii godhee Isa nan fudhadha. Ani akka Mootii kootiitti Isa nan fudhadha" jedhaa. Tokkoon tokkoon keessan miilla keessaniin dhaabadhaa.

Har'a! Yaa firoota koo, dhaga'aa.

"Inni Dubbii Macaafichaa dubbisee, Macaafichas deebisee Lubichatti kennee taa'e" achumaanis, "Warri mana sagadaa sana keessa turan hundinuus ija isaanii Isa irratti irraanfatan. Inni immoo gara isaanii ilaalee, 'Dubbiin Macaafaa kun har'a akkuma dhageessanitti isin duratti raawwatame' isaaniin jedhe."

An Macaafa Qulqulluu dubbiseera, bara dhumaa keessa jiraachaa akka jirru, dhaloonni kun dhaloota deebi'ee gara biyya lafaa dhufuu Yesus Kristos akka ta'e ragaalee darzaana tokko, yookiin kanaa ol ta'an dubbisee argeera. Galgala kanas irra deebi'ee isiniinan jedha, Dubbiin Macaafaa kun har'a ija keessan duratti raawwateera.

Isin warri Tuuksan jirtan, isin warri Kaalifoorniyaa jirtan, isin warri Niwuu Yoorki warri sarara bilbilaatiin nu hordofaa jiratan, Dubbiin Macaafaa kun har'a ija keessan duratti raawwatame.

Mee cidha gaa'ee gochuuf haa gammadnu, Gaa'elli Hoolichaa dhi'aateera, Misirroon Hoolichaas Ofiishee qophissiteetti'o.

Isin sabni hunduu, harka keenya ol qabnee hulfina Isaaf haa dhi'eessinu. Waaqayyo isin haa eebbisu. [Amantoonni ililchuu fi waaqayyoof ulfina kennuu ittuma fufaa jiru.]

MESSAGE hub online

www.messagehub.info

Kan Lallabame

Williyaam Maariyoon Biraanhaam

"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7